WAAJJIRA PIREZIDAANTII MOOTUMMAA
NAANNOO OROMIYAA
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት ጽ/ቤት
OROMIA NATIONAL REGIONAL STATE OFFICE OF THE PRESIDENT

Guyyaa
Date ቀን 24/07/2016
Lakk
Ref.No. ቁጥር OL/DH-40/478

Waajjira Caffee Oromiyaatiif
Finfinnee

Dhimmi: Labsii Caffeen Ragga'e Mallatteessuun Erguu Ta'a.

Armaan olitti akkuma tuquuf yaalame Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Walgahii Idilee 6ffaa Waggaa 3ffaa Bara Hojii Caffee 6ffaa taasiseen **Labsii Dhaabbilee Hawaasa Siiviilii Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lakkoofsa 254/2016** fi **Labsii Kaffaltii Ittifayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Galii Hojii Qonnaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irradeebiin Murteessuuf Bahe Lakkoofsa 255/2016** ta'ee Caffeen ragga'ee bahe Magalata Oromiyaa irratti maxxansiisuuf Pirezidaantii Naannichaatiin akka mallattaa'u xalayaa Lakkoofsa CO/259/22/2016 gaafa guyyaa 14/06/2016 barreeffameen gaafachuun keessan ni yaadatama.

Haaluma kanaan, Labsiiwwan armaan olitti ibsaman Magalata Oromiyaa irratti akka maxxanfamu bu'uura Labsii Lakk. 201/2009 Keewwata 31 Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumameen mallattaa'ee xalayaa kanaan Labsiiwwan fuula 53 qabu isinii ergamuu isaa ni beeksifna.

Nagaa Wajjin

Shimallis Abdiisaa
Pirezidaantii

Garagalcha
- Waajjira Pirezidaantii fi MMBMN Oromiyaatiif
- Daarektoreetii Dhimmoota Kaabineetiif
- Damee Seeraatiif

  WPMNO
- Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaatiif

  Finfinnee

Finfinnee/ፊንፊኔ/Addis Ababa
Tin N0 0001547816
(+251-11) 551 04 55
552 42 47
E-mail:oromiapo@oromia.gov.et
www.oromia.gov.et
(+251-11) 551 36 42
552 96 33
101769

**WAAJJIRA CAFFEE OROMIYAA**
**የጨፌ ኦሮሚያ ጽ/ቤት**
**OFFICE OF CAFFEE OROMIA**

Guyyaa /ቀን/ Date 14/06/2016
Lak. /ቁጥር /Ref. No CO/259/22/2016

Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif

Finfinnee

Dhimmi: Labsii Caffeen Ragga'e Mallattoo Pirezidaantiif Erguu Ta'a

Caffeen Oromiyaa Walgahii Idilee 6ffaa Waggaa 3ffaa Bara Hojii Caffee 6ffaa taasiseen, *Labsii Dhaabbilee Hawaasa Siiviilii Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 254/2016* fi *Labsii Kaffaltii Ittifayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Galii Hojii Qonnaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irradeebiin Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 255/2016* irratti mari'achuun raggaasuun isaa ni yaadatama.

Bu'uura Labsii Lak. 201/2009 Keewwata 31 Keewwata Xiqqaa 1tiin, Labsiin Caffeen ragga'e tokko maxxanfamuun dura Pirezidaantii Mootummaa Naannichaatiin mallattaa'uu akka qabu tumee jira. Waan kana ta'eef, Labsii Lakkoofsa 254 fuulaa 38 fi Labsii Lakkoofsa 255 fuula 15, xalayaa walqabsiistuu kanaan walitti maxxansinee isiniif erginee jirra.

Nagaa Wajjiin

Sa'aadaa Abdurahman Habiibe
Afyaa'ii Caffee Oromiyaa

Finfinnee, Oromiyaa, Itoophiyaa | +251 11 372 62 18 / +251 11 371 66 11 | +251 11 371 48 04
www.caffeeoromiyaa.gov.et | www.caffeeoromiyaa@gmail.com | 21383 - 1000

# Labsii Dhaabbilee Hawaasa Siiviilii Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 254/2016

Mirgi gurmaa'uu Heera Federaalaafi Naannichaatiin akkasumas waliigaltee mirga namoomaa idil-addunyaa Itiyoophiyaan fudhatteen mirkanaa'ee haala guutuu ta'een hojiirra oolchuuf seera baasuun waan barbaachiseef;

Mirgi gurmaa'uu mirgoota Heeraan mirkanaa'an kan biroo kabachiisuuf faayidaa inni qabu hubachuun, hojimaanni mootummaa iftoominaan, ittigaafatamummaafi hirmaachisummaan akka raawwatamu gochuuf hawaasa dammaqeefi bilisummaan gurmaa'e uumuun barbaachisaa ta'uun waan amanameef;

Dhaabbileen hawaasa siiviilii, misooma Naannichaa, ijaarsa sirna dimokiraasii, fooyya'iinsa sirna haqaa, nageenya, bulchiinsa gaariifi mirga namoomaa dagaagsuu keessatti gaheen qaban akka dagaagu gochuuf haala mijaawaa ta'e uumuun murteessaa ta'uun waan hubatameef;

Ittigaafatamummaa dhaabbilee hawaasa siiviiliifi fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuun akka danda'amuuf dhaabbileen hojii isaanii bu'uura seeraatiin hojjechuu isaanii to'achuun waan barbaachiseef;

Hawaasa keessatti arjummaafi aadaan tola ooltummaa akka dagaagu gochuun barbaachisaa ta'uun waan itti amanameef;

Sirna hordoffii, to'annoofi deeggarsaa dhaabbilee hawaasa siiviilii iftoomina, dhaqqabamaafi si'ataa ta'e diriirsuun qaamoleen dhimmi ilaallatu aangoofi hojii isaanii beekanii dhaabbilee hawaasa siiviilii karaa bu'aa qabeessa ta'een akka hoogganan taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49 (3) (a) tiin kan kanatti aanu labsameera.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

   Labsiin kun "Labsii Dhaabbilee Hawaasa Siiviilii Naannoo Oromiyaa, Lakkoofsa 254/2016" jedhame waamamu ni danda'a.

Waajjira Caffee Oromiyaa Mana Galmee
Office of Caffee Oromia

Mana Galmee ARCHIVE
The Oromia National Regional

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

1) **"Biiroo Maallaqaa"** jechuun Biiroo Maallaqaa Oromiyaafi caasaa isaa sadarkaan jirudha.
2) **"Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa"** jechuun Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaafi caasaa isaa sadarkaan jirudha.
3) **"Dhaabbata Hawaasa Siiviilii"** (kanaan booda **'dhaabbata'** jedhamee kan waamamu) jechuun yoo xiqqaate dhaabbata fedhii namoota lamaafi isaa oliitiin kan hundaa'u, qaama mootummaa kan hin taane, bu'aaf kan hin dhaabbanne, dhaabbata siyaasaa kamiifuu kan hin loogneefi kaayyoo seera qabeessa ta'e galmaan gahuuf qaama galmaa'ee socho'u ta'ee, waldaalee ogummaa, waldaalee hawaasa bal'aafi gamtaawwan dhaabbilee yookiin gamtaa gamtaawwan dhaabbilee ni dabalata.
4) **"Dhaabbata Naannoo Oromiyaa Keessatti Hundaa'e"** jechuun dhaabbata hawaasa siiviilii Naannicha keessatti hojii seera qabeessa ta'e hojjechuuf bu'uura Labsii kanaatiin lammiilee Itiyoophiyaan, lammiilee biyya alaa Naannicha keessa jiraataniin yookiin lamaanuu waliin ta'uudhaan hundeeffamedha.
5) **"Dhaabbata Biyya Alaa"** jechuun dhaabbata miti-mootummaa bu'uura seera biyya alaatiin hundaa'ee qaama mootummaa Federaalaa aangoo qabuun galmaa'ee Naannicha keessatti kan hojjetudha.
6) **"Dhaabbata Arjummaa"** jechuun dhaabbata ummata maraaf yookiin qaama sadaffaaf hojjechuu kaayyoo godhatee hundaa'edha.
7) **"Waldaa Ogummaa"** jechuun dhaabbata ogummaa tokko bu'uura godhachuun hundeeffame ta'ee, kaayyoon isaas mirgaafi faayidaa miseensota isaa kabachiisuuf, naamusa ogummichaa cimsuuf, gahumsa miseensota isaa ijaaruun akkasumas ogummaa isaaniitiin ummataafi biyyaaf gumaacha gochuu kan dabalatudha.
8) **"Gamtaa"** jechuun dhaabbilee lamaafi isaa ol ta'aniin tuuta dhaabbate ta'ee, gamtaa gamtaawwanii kan dabalatudha.
9) **"Hayyama Addaa"** jechuun hojii tokko irratti bobba'uuf hayyamni kan barbaachisu ta'uun isaa seeraan yoo ibsame, hojii kana irratti bobba'uuf gosa hayyamaa kennamudha.
10) **"Manneen Hojii Biroo"** jechuun manneen hojii mootummaa dhaabbilee hawaasa siiviilii Naannicha keessatti socho'an waliin waliigaltee pirojektii mallatteessan jechuudha.
11) **"Naannoo"** jechuun Naannoo Oromiyaati.

Waajjira Caffee Oromiyaa
Mana Galmee
Office of Caffee Oromia

Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

12) **"Mana Marii"** jechuun Mana Marii Dhaabbilee Hawaasa Siiviilii bu'uura Labsii kanaa Keewwata 84 tiin akka Naannichaatti hundeeffamedha.

13) **"Jaarmiyaalee Amantaa"** jechuun jaarmiyaa hordoftoonni amantaa tokkoo amantaa isaanii gurmeessuufi babal'isuuf hundeessan ta'ee, bu'uura Labsii kanaatiin dhaabbata kaayyoo arjummaa galmaan gahuuf hundeeffaman yookiin dhaabbilee Arjummaa dhaabbata amantaatiin hundeeffaman hin dabalatu.

14) **"Ofiin of Bulchuu"** jechuun dhaabbileen karaa Mana Marichaan fedhii isaaniitiin ofiin of bulchuuf dambii naamusaa baasaniin kan gaggeeffamu sirna to'annaa dirqisiisaa ta'edha.

15) **"Miseensota Hojii Gaggeessituu"** jechuun itti waamamni isaanii qaama ol'aanaa dhaabbatichaatiif (akkuma haala isaatti yaa'ii waliigala dhaabbatichaaf yookiin Boordiif ta'ee), adeemsa hojii dhaabbatichaa akka hordofaniifi to'atan miseensa dhaabbatichaatiin yookiin Boordii dhaabbatichaatiin namoota filatamanidha.

16) **"Mootummaa"** jechuun mootummaa Naannoo Oromiyaati.

17) **"Hojigaggeessaa"** jechuun hojii dhaabbatichaa guyyaa guyyaa ol'aantummaadhaan gaggeessuuf waliigalteen kan qacarameefi itti waamamni isaa koree hojigaggeessituu yookiin Boordii dhaabbatichaatiif nama ta'e jechuudha.

18) **"Qaamolee Bulchiinsaa"** jechuun Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa, Biiroo Maallaqaafi Manneen Hojii Biroo dhimmichi ilaallatuudha.

19) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookiin seeraan qaama namummaa kan argate kamiyyuu jechuudha.

3. Ibsa Koornayaa

Labsii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

1) Labsiin kun kanneen armaan gadii irratti raawwatiinsa ni qabaata:
   (a) Dhaabbilee Naannicha keessatti hundaa'an;
   (b) Dhaabbilee biyya keessaa yookiin dhaabbilee biyya alaa sadarkaa Mootummaa Federaalaatti galmaa'anii Naannicha keessatti hojjetaniif haala mijataa uumuu akkasumas to'annoofi hordoffii gaggeessuun walqabatee;
   (c) Dhaabbilee arjummaa jaarmiyaalee amantaatiin Naannicha keessatti hundeeffaman.

2) Keewwatakana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Labsiin kun kanneen armaan gadii irratti raawwatiinsa hin qabaatu:
   (a) Jaarmiyaa amantaa;
   (b) Afooshaa, iqqubiifi tuuta aadaa kanneen fakkaatanii; fi



Waajjira Coffee Oromiyaa
Mana Galmee
Office of Caffee Oromia
The Oromia National Regional Government Office of the President
MANA GALMEE
ARCHIVE

(c) Jaarmiyaa bu'uura seera biraatiin hundeeffame.

## Kutaa Lama
## Hundeeffama Gumii Dhaabbilee Hawaasa Siiviilii

5. Hundeeffamaafi Ittiwaamama Gumii
   1) Gumiin Dhaabbilee Hawaasa Siiviilii Naannichaa kanaan booda **"Gumii"** jedhamee kan waamamu Labsii kanaan hundeeffameera.
   2) Ittiwaamamni Gumichaa Itti Aanaa Pirezidaantii Naannichaatiif ta'a.
6. Miseensota Gumii
   1) Gumichi miseensota armaan gadii ni qabaata:
      (a) Walitti Qabaafi Itti Aanaa Walitti Qabaa Pirezidaantii Naannichaatiin bakka bu'u;
      (b) Hoogganaa Biiroo Maallaqaa ................................ Miseensaafi Barreessaa;
      (c) Hoogganaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa ................................ Miseensa;
      (d) Hoogganaa Komishiinii Karooraafi Misoomaa ................................ Miseensa;
      (e) Mana Marichaatiin kan moggaafaman bakka bu'oota dhaabbilee namoota shan ................................ Miseensa;
      (f) Hojii hawaasa siiviiliitiin beekumsaafi muuxannoo gahaa kan qabu Walitti Qabaan kan moggaafamu ogeessa tokko ................................ Miseensa.
   2) Miseensonni Gumii bilisa ta'anii hojii isaanii qajeeltummaafi amanamummaan gaggeessuu qabu.
   3) Barri tajaajila miseensota Gumii akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (e fi f) tiin moggaafamanii waggaa 4 ta'ee, bu'a qabeessummaan isaanii ilaalamee marsaa tokkoof irradeebiin moggaafamuu ni danda'u.
7. Sirna Walgahii Gumii
   1) Walitti qabaan Gumii walgahii ni gaggeessa; Walitti qabaan yeroo hin jirretti itti aanaan walitti qabaa walgahii Gumii ni gaggeessa.
   2) Walgahiin idilee Gumii ji'a sadiitti yeroo tokko kan gaggeeffamu ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti walitti qabaan Gumii yookiin miseensa Gumichaa keessaa tokko sadaffaan (1/3) yoo gaafatan yeroo kanaa gadi keessatti walgahii ariiffachiisaan gaggeeffamuu ni danda'a.
   3) Hoogganaan Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Biiroo Maallaqaa dhimma manni hojii isaanii murtii kenne irratti mirga sagalee kennuu osoo hin qabaatiin walgahii Gumichaa irratti ni hirmaatu.



Waajjira Caffee Oromiyaa
Mana Galmee
Office of Caffee Oromia
Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

4) Tumaaleen Keewwata kanaa akkuma eegametti ta'ee, Gumichi qajeelfama sirna walgahii mataa isaa baafachuu ni danda'a.

8. **Aangoofi Hojii Gumii**

Gumichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Dhaabbileen Hawaasa Siiviilii misooma, ijaarsa sirna dimokiraasii, fooyya'iinsa sirna haqaa, nageenya, bulchiinsa gaariifi mirga namoomaa Naannichaa dagaagsuu keessatti gumaacha qaban haala itti dagaagsuun danda'amu irratti mootummaaf gorsa ni kenna.
2) Murtii bulchiinsaa akkaataa Labsii kanaatiin qaamolee bulchiinsaatiin kennamu ilaalchisee ol'iyyannoo dhiyaatuuf qulqulleeffatee murtii ni kenna;
3) Qajeelfamoota Labsii kana hojiirra oolchuuf qaamolee bulchiinsaatiin wixineeffaman xiinxaluun dantaa dhaabbilee hawaasa siiviilii kan kabachiisu ta'uusaa ni mirkaneessa;
4) Maanuwaaliifi qajeelchituu hojii dhimma Dhaabbilee ni baasa.

## Kutaa Sadii
## Aangoofi Hojii Qaamolee Bulchiinsaa

9. **Aangoofi Hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa**

Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Bu'uura Labsii kanaatiin Dhaabbata Hawaasa Siiviilii ni galmeessa; ni deeggara; haala ni mijeessa; ni qindeessa; hayyama ni kenna; ni to'ata; ni hordofa; hayyama ni dhorka; ni haqa;
2) Dhaabbileen hawaasa siiviilii mootummaa federaalaa irraa hayyama fudhatanii Naannicha keessatti hojjetan ni deeggara; ni to'ata; ni hordofa; qaama dhimmi ilaaluuf ni gabaasa;
3) Gabaasa waggaa dhaabbileen dhiyaatu bu'uura seera kanaatiin ni xiinxala; duubdeebii ni kenna;
4) Dhaabbileen iftoominaafi ittigaafatamummaa mirkaneessuuf bulchiinsa keessaafi sirna ofiin of bulchuu akka qabaatan deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna; raawwii isaa ni hordofa;
5) Baay'ina dhaabbilee naannicha keessatti socho'anii, gosa hojii irratti bobba'an, baay'ina fayyadamtootaa, miseensotaafi odeeffannoowwan kana fakkaatan qabachuuf giddugala odeeffannoo ni hundeessa; akkasumas, odeeffannoowwan kanneen ni xiinxala; ni tamsaasa;

Waajjira Caffee Oromiyaa
Mana Galmee
Office of Caffee Oromia

Waajjira Pirezidantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

6) Walitti dhufeenya dhaabbileefi mootummaa cimsuuuf sagantaaleefi foramiiwwan marii haala dhaabbataa ta'een Biiroo Maallaqaa waliin ni qopheessa;
7) Ittigaafatamummaa isaa bahuuf qaamolee dhimmi ilaallatu waliin qindoominaan ni hojjeta;
8) Dhaabbileen imaammatootaafi seeroota mootummaan baasu irratti hirmaannaa si'ataa akka taasisan ni jajjabeessa;
9) Dhaabbileen sochii misoomaa, ijaarsa sirna dimokraasiifi eegumsa mirgoota namoomaa naannichaa keessatti shoora isaan qaban ilaalchisee qorannoo barbaachisaa ta'e ni gaggeessa; mootummaaf gorsa ni kenna;
10) Sagantaaleen dhaabbilee imaammataa, tarsiimoofi seerota mootummaan baasu waliin walsimuu isaanii ni xiinxala; bu'aa qabeessummaa isaanii ni mirkaneessa;
11) Dambii ittiin bulmaataa dhaabbileefi fooyya'iinsa isaanii ni mirkaneessa; ni galmeessa;
12) Kaffaltiiwwan tajaajilaa bu'uura seerota rogummaa qabaniin murtaa'e ni sassaaba;
13) Hojii dhaabbilee kanaan walqabatee maallaqa yookiin qabeenya gocha yakkaatiin argame seera qabeessa fakkeessuun dhiyeessuufi shororkeessummaa maallaqaan gargaaruu irratti hojiiwwan ittisuu dandeessisan qaama mootummaa dhimmi ilaalu waliin qindoominaan ni hojjeta;
14) Waliigaltee dhaabbileen hawaasa siiviilii Naannicha keessatti socho'an mana hojii mootummaa waliin taasisan seera qabeessummaa isaa ni xiinxala; gorsaafi deeggarsa seeraa ni kenna; akkaataa waliigaltichaatiin raawwachuu isaanii ni hordofa; ni to'ata;
15) Dambii ittiin bulmaata dhaabbataa akka moodelaatti fayyaduu danda'u ni qopheessa.

**10. Aangoofi Hojii Biiroo Maallaqaa**

Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eeggametti ta'ee, Biiroon Maallaqaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Gabaasa raawwii hojiifi sochii maallaqaa dhaabbilee kurmaanaafi waggaan dhiyaatu bu'uura seera kanaatiin ni xiinxala; duubdeebii ni kenna;
2) Dhaabbileen iftoominaafi ittigaafatamummaa mirkaneessuuf bulchiinsa keessaafi sirna ofiin of bulchuu akka qabaatan deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna; raawwii isaa ni hordofa;
3) Pirojektoonni dhaabbilee karoora misoomaa mootummaan baasu waliin walsimuu isaanii ni xiinxala; bu'aa qabeessummaa isaanii ni mirkaneessa;
4) Dhaabbilee Naannicha keessatti socho'an piropoozaala pirojektii isaan dhiyeessan ofitti fudhachuun ni xiinxala; ni mirkaneessa; Mana Hojii dhimmichi ilaallatu waliin ta'uun waliigaltee ni mallatteessa; hojiirra oolmaa pirojektii isaanii ni hordofa; ni gamaaggama;



Waajjira Caffee Oromiyaa
Mana Galmee
Office of Caffee Oromia
Mana Galmee Archive
The Oromia National Regional Government Office

5) Ittigaafatamummaa isaa bahuuf qaamolee dhimmi ilaallatu waliin qindoominaan ni hojjeta; Hojii manneen hojii mootummaafi dhaabbileen waliin hojjetan ni qindeessa;
6) Dhaabbileen yammuu diigaman ogeessota tajaajila qulqulleessaa herregaa ramaduun sirnaan hojii gaggeessuu isaanii ni to'ata;
7) Fandii Dhaabbilee Hawaasa siiviilii Labsii kanaan hunda'e ni bulcha;
8) Dhaabbileen sadarkaa Federaalaatti galmaa'anii hojiif gara Naannichaa dhufaniifi kan Naannichatti galmaa'an kamiyyuu hojiitti osoo hin seeniin dura waliigaltee hojii waliin ni mallatteessa;
9) Sochii faayinaansii pirojeektota misoomaa dhaabbileen dhiyaatan odiitii ni taasisa; akka godhamu ni taasisa;
10) Qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun yeroo hojiin sagantaa yookiin pirojektii Dhaabbilee xumuramu walharkaa fuudhinsa dabarsa hojiifi qabeenyaa ni raawwata;
11) Aadaafi sochii tola ooltummaa ni jajjabeessa; tola ooltummaa ilaalchisee hojii hubannoo uumuu ni hojjeta;
12) Dhaabbileen pirojektoota mallattaa'aniin walqabatee meeshaalee biyya alaa irraa qaraxaan ala galchuuf yeroo gaafatan qulqulleessee deeggarsa akka argatan ni taasisa;
13) Walitti dhufeenya dhaabbileefi mootummaa cimsuuuf sagantaaleefi fooramiiwwan marii haala dhaabbataa ta'een Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa waliin ni qopheessa.

11. Aangoofi Hojii Manneen Hojii Biroo

Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Manneen Hojii Biroo aangoofi hojii armaan gadii ni qabaatu:

1) Pirojektoota dhaabbileen dhiyeessan xiinxalanii mirkaneessuudhaan Biiroo Maallaqaafi Dhaabbilee waliin waliigaltee pirojektii ni mallatteessu;
2) Manneen Hojii Biroo Dhaabbilee waliin qunnamtii hojii qabaniifi waliigaltee Pirojektii mallatteessan Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaafi Biiroo Maallaqaa waliin qindoomnaan ni hojjetu;
3) Ogeessota pirojektoota Dhaabbilee ogummaan deeggaran, xiinxalan, hordofaniifi madaalanii yaada itti kennan dhaabbidhaan ni ramadu;
4) Bu'uura aangoo seera rogummaa qabuun kennameefiin waliigaltee dhaabbilee kamiyyuu wajjiin waliigalameen sochii hojii ni hordofu, ni to'atu, Biiroo Maallaqaafi Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa waliin ta'uun tarkaanfii barbaachisaa ta'e ni fudhatu; akka fudhatamu ni taasisu; raawwii isaa ni hordofu;
5) Fedhii misoomaa seektara isaanii fi istaandaardii hojiilee qopheessuun Dhaabbilee Hawaasa siiviilii ni beeksisu;

6) Raawwii pirojektootaa ilaalchisee gabaasa raawwii hojii fiizikaalaafi faayinaansii kurmaanaan dhaabbilee irraa dhiyaatuuf xiinxaluun dhaabbileef duubdeebii ni kennu; qaama dhimmi ilaaluuf ni ergu;
7) Hojiiwwan walqabatan biroo ni raawwatu.

Kutaa Afur

Hundeeffamaafi Galmeessa Dhaabbilee

Kutaa Xiqqaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

12. Qajeeltoowwan

Hundeeffamni dhaabbilee qajeeltoowwan armaan gadiitiin gaggeeffama:

1) Dhaabbanni kamiyyuu yeroo murtaa'eef yookiin yeroo hin murtoofneef hundeeffamuu ni danda'a;
2) Dhaabbanni kamiyyuu seerota rogummaa qaban bu'uura godhachuudhaan ulaagaalee miseensa ittiin simatu murteessuuf mirga qaba;
3) Namni kamiyyuu ulaagaa miseensummaa dhaabbatichaa guutee yoo argame miseensa ta'uudhaaf mirga qaba;
4) Dhaabbilee keessatti miseensa ta'uun fedhii irratti kan hundaa'u ta'ee, miseensi tokko yeroo barbaadetti miseensummaa dhaabbaticha keessaa bahuu ni danda'a;
5) Tokkoon tokkoon miseensaa sagalee walqixa ta'e qaba;
6) Dhaabbileen miseensota isaaniitiif bu'aa qoqqooduu yaadanii hundaa'uu hin danda'an;
7) Hundeeffamni dhaabbileefi hojimaanni keessoo isaanii qajeeltoowwan dimokiraasii kan hordofe, loogii irraa bilisa kan ta'e, gartummaa kan hin qabneefi aadaafi safuu ummataa kan kabaju ta'uu qaba;
8) Dhaabbanni kamiyyuu kan gaggeeffamu namoota hirmaannaa guutuu qaamolee dambii ittiin bulmaataatiin aangoon kennameefiin filatamaniin ta'a;
9) Dhaabbanni kamiyyuu bu'uura dambii ittiin bulmaataa dhaabbatichaatiin yoo ta'e malee, miseensa simachuufi gaggeessuu hin danda'u.

13. Hundeeffama Dhaabbilee

Namoonni lamaafi isaa ol ta'an dhaabbata hawaasa siiviilii Naannicha keessatti socho'u hundeessuu ni danda'u.

14. Gosoota Dhaabbilee

Kaayyoo kutaa kanaatiif dhaabbanni Naannichaa gosoota gurmaa'insaa armaan gadiitiin hundaa'uu ni danda'a.

1) Waldaa;
2) Dhaabbata Boordiin Gaggeeffamu;
3) Dhaabbata Arjummaa Ittifufiinsa Qabu;
4) Dhaabbata Arjummaa Imaanaa;
5) Koree Arjummaa.

## Kutaa Xiqqaa Lama
## Waldaafi Dhaabbata Boordiin Gaggeeffamu

### 15. Waldaa

1) Kaayyoo kutaa kanaatiif **"Waldaa"** jechuun dhaabbata miseensota lakkoofsi isaanii shaniifi isaa ol ta'een hundeeffamuufi Yaa'iin Waliigalaa isaa qaama ol'aanaa murtii kennu yammuu ta'u, raawwii Labsii kanaatiif waldaalee ogummaas ni dabalata;
2) Waldaan tokko yaa'ii waliigalaa, koree hojii raawwachiiftuu, hojigaggeessaa, odiitaraafi akkuma barbaachisummaa isaatti kutaalee hojii biroo kan qabu ta'ee hundaa'uu ni danda'a. Gurmaa'insaafi bulchiinsi waldichaa dambii ittiin bulmaataatiin murtaa'a.

### 16. Dhaabbata Boordiin Gaggeeffamu

1) Kaayyoo kutaa kanaatiif **"Dhaabbata Boordiin Gaggeeffamu"** jechuun hundeessitoota lakkoofsi isaanii lamaafi isaa ol ta'een kan hundaa'u ta'ee, qaamni murtii dhaabbatichaa isa dhumaa kennu boordii dhaabbatcha ta'a.
2) Boordiin dhaabbatichaa miseensota 5 hanga 7 ni qabaata.
3) Miseensonni Boordii isaan jalqabaa dambii ittiin bulmaataa isaanii irratti hundeessitootaan ni moggaafamu. Barri hojiifi sirni miseensonni Boordii ittiin moggaafaman dambii ittiin bulmaata dhaabbatichaatiin murtaa'a.
4) Namoonni gaggeessitoota dhaabbatichaa waliin firooma dhiigaafi gaa'ilaa qaban miseensa Boordii ta'uu hin danda'an.
5) Dhaabbatichi hojigaggeessaa ittiwaamamni isaa Boordiif ta'eefi hojjettoota barbaachisaa ta'an ni qabaata. Tarreeffamni isaa dambii ittiin bulmaata Dhaabbatichaatiin murtaa'a.

Waajjira Caffee Oromiyaa
Mana Galmee
Office of Caffee Oromia

Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

Kutaa Xiqqaa Sadii

Dhaabbata Arjummaa Ittifufiinsa Qabu

17. Bu'uura

1) Kaayyoo kutaa kanaatiif "Dhaabbata Arjummaa Ittifufiinsa Qabu" jechuun Dhaabbata qabeenyi adda ta'e tokko, maallaqni kennaan yookiin dhaamoodhaan kaayyoo arjummaa adda bahee ibsame qofaaf haala ittifufiinsa qabuufi hin deebineen itti ooluudha.
2) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin hangi qabeenya yookiin maallaqa kennaadhaan yookiin dhaamoodhaan kennamu ka'umsa kaayyoo arjummichaa galmaan gahuu kan dandeesisu ta'uutu irra jiraata.
3) Hundeessaan Dhaabbata Arjummaa Ittifufiinsa Qabuu fayyadamtoota ni murteessa. Hundeessaan fayyadamtoota haala gahaa ta'een osoo hin murteessiin yoo hafe, Boordiin hojii gaggeessaa bifa yaada hundeessaatiin walsima jedhee tilmaamuun fayyadamtoota murteessuu ni danda'a.

18. Galmaa'uuf Iyyachuu

1) Galmeen Dhaabbata Arjummaa Ittifufiinsa Qabu kan gaafatamu hundeessaan lubbuun jira yoo ta'e ofuma isaatiin yookiin nama inni dhimma kanaaf bakka buuseen qofa ta'a.
2) Hundeessaan erga du'ee booda gaaffiin galmee kan dhiyaatu nama hundeessaan imaanaa itti kenne yookiin namoota dhaamoo hundeessaa raawwachiisaniin ta'a.
3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 jalatti namoonni ibsaman kan hin jirre yoo ta'e, namoonni qabeenyi kaayyoo arjummaa ittifufiinsa qabuuf akka oolu waliigaltee kennaa qopheessan, ragaa kan ta'an yookiin waliigalticha imaanaan kan kaa'aan gaaffii galmee ni dhiyeessu.
4) Bu'uura Keewwata kanaatiin namoonni gaaffii galmee dhiyeessuuf dirqamni irratti gatame gaafficha osoo hin dhiyeessiin yoo hafan hundeessaan du'ee ji'a sadii (3) booda dhaabbanni arjummaa ittifufiinsa qabu iyyannaa nama na ilaallata jedhu kamiiniyyuu yookiin kaka'umsa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaatiin galmaa'uu ni danda'a.
5) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 tiin yeroon ji'a sadii (3) osoo hin xumuramin dura qabeenya yookiin maallaqa kaayyoo Dhaabbata arjumichaatiif ooluufi haala waliigalaa adeemsa galmee ilaalchisee gochii kaayyichaan walfaalleessu yoo raawwatame Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa yeroo kamiyyuu gidduu lixuufi sirreessuu ni danda'a.

19. Kennaa Qabeenya Kaayyoo Arjummaa Ittifufiinsa Qabuuf Kenname Haquu

Hundeessaan dhaabbatichaa kennaa qabeenya kaayyoo arjummaa ittifufiinsa qabuuf taasise Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaatiin osoo hin galmaa'in dura haquu ni danda'a.

20. Gurmaa'ina Dhaabbata Arjummaa Ittifufiinsa Qabuu

Dhaabbanni arjummaa ittifufiinsa qabu kamiyyuu Boordii hojigaggeessaa, hojigaggeessaa, odiitaraafi kutaalee hojii biroo barbaachisaa ta'an ni qabaata.

21. Miseensota Boordii Hojigaggeessaa

1) Miseensonni Boordii hojigaggeessaa hundeessaadhaan yookiin nama inni bakka buuseen kan muudaman ta'a; Miseensonni Boordii bifa kanaan kan hin muudamne yoo ta'e, Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa haala itti muudaman ni mijeessa;
2) Miseensi Boordii tokko sababa kamiiniyyuu ittigaafatamummaa isaa bahachuu yoo dadhabe bu'uura dambii ittiin bulmaataa Dhaabbatichaatiin iddoo isaa miseensi Boordii haaraan ni muudama.
3) Lakkoofsi Miseensota Boordii hojigaggeessaa sadii (3) gadi ta'uu hin qabu.

22. Aangoofi Gahee Hojii Boordii Hojigaggeessaa

Boordiin hojigaggeessaa qaama ol'aanaa Dhaabbata Arjummaa Ittifufiinsa Qabuu ta'ee, aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojigaggeessaafi odiitara Dhaabbata Arjummaa Ittifufiinsa Qabu hoogganu ni muuda; muudama irraa ni gaggeessa;
2) Bu'uura Dambii Ittiin Bulmaataatiin Dhaabbata Arjummaa Ittifufiinsa Qabu ni bulcha.

23. Walgahii Boordii Hojigaggeessaa

1) Boordiin hojigaggeessaa bu'uura Dambii Ittiin Bulmaataa Dhaabbata Arjummaa Ittifuufiinsa qabuun walgahii ni gaggeessa.
2) Boordiin hojigaggeessaa Dhaabbata Arjummaa Ittifufiinsa Qabu murtiiwwan kan dabarsu sagalee caalmaadhaan ta'a.

24. Kaffaltii Miseensota Boordiitiif Raawwatamu

1) Dambii Ittiin Bulmaataa Dhaabbata Arjummaa Ittifufiinsa Qabuun yoo murtaa'e malee miseensi Boordii tokko kaffaltii hin argatu.
2) Walgahii Boordii irratti argamuuf baasii miseensi Boordii tokko baase uwwisuuf baasiin taasifamu akka kaffaltiitti hin lakkaawamu.

25. Aangoofi Gahee Hojii Hojigaggeessaa

Hojigaggeessaan Dhaabbata Arjummaa Ittifufiinsa Qabu aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

Waajjira Caffee Oromiyaa
Mana Galmee
Office of Caffee Oromia

The Oromia National Regional Government Office of the President

1) Hojii Dhaabbata Arjummaa Ittifufiinsa Qabu bu'uura dambii ittiin bulmaataa Dhaabbatichaatiin ni qajeelcha;
2) Qaama sadaffaa waliin walitti dhufeenya taasifamu keessatti Dhaabbaticha bakka ni bu'a;
3) Murteen Boordii hojigaggeessaa hojiirra ooluu isaa ni hordofa; ni to'ata;
4) Karoora hojiifi baajataa akkasumas gabaasa hojiifi herregaa, Boordii hojigaggeessaaf ni dhiyeessa;
5) Haala galiin Dhaabbatichaa itti guddatu ni qorata; Boordii hojigaggeessaatiin yeroo mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
6) Bu'uura dambii ittiin bulmaata Dhaabbatichaatiin maqaa Dhaabbatichaatiin herrega baankii baname ni sochoosa;
7) Hojiiwwan walitti dhufeenya qaban biroo Boordii hojigaggeessaatiin kennamaniif ni raawwata.

26. Aangoofi Gahee Hojii Odiitaraa

Odiitarri:

1) Bulchiinsa Maallaqaafi qabeenya Dhaabbata Arjummaa Ittifufiinsa Qabuu ni to'ata;
2) Gabaasa odiitii keessaa Dhaabbatichaa bu'uura qajeeltoo qabannaa herregaa biyyattii keessatti fudhatama argataniin qopheessee Boordiif ni dhiyeessa.

## Kutaa Xiqqaa Afur

## Dhaabbata Arjummaa Imaanaa

27. Bu'uura

Kaayyoo kutaa kanaatiif **"Dhaabbata Arjummaa Imaanaa"** jechuun bu'uura sanada Dhaabbata Arjummaa imaannichaa hundeessuun qabeenyi adda ta'e tokko kaayyoo arjummaa qofaaf akka oolu dhaabbata eegdota imaanaatiin buluudha.

28. Hundeeffama

1) Dhaabbanni Arjummaa Imaanaa kennaan, dhaamoon yookiin murtii qaama mootummaa dhimmi ilaaluun hundaa'uu ni danda'a.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kennaan yookiin dhaamoon ibsame bu'uura tumaalee seera hariiroo hawaasaa rogummaa qabuutiin qajeelfama.
3) Namni hundeessaa dhaabbata Arjummaa Imaanaa ta'e tokko sanada hundeeffamaa, hundeessaa, eegdota imaanaafi fayyadamtoota dhaabbata Arjummaa Imaanichaa ifatti adda baasee kaa'uu qaba.

Waajjira Caffee Oromiyaa Mana Galmee Office of Caffee Oromia
Waajjira Pirezidantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa MANA GALMEE ARCHIVE The Oromia National Regional Government Office of the President

29. Ittifufiinsa Dhaabbata Arjummaa Imaanaa

1) Dhaabbanni Arjummaa imaanaa yeroo murtaa'eef yookiin yeroo hin murtoofneef hundaa'uu ni danda'a.
2) Dhaabbanni Arjummaa Imaanaa yeroo hin murtoofneef hundaa'e kan ittifufuufi kan hin diigamne ta'a.

30. Iyyata Galmaa'uu Eegdota Imaanaatiin Dhiyaatu

1) Namni hundeessaa Dhaabbata Arjummaa Imaanaa ta'e eegdota imaanaa isaa muuduu qaba.
2) Eegdonni imaanaa bu'uura Labsii kanaa Keewwata 55 jalatti tumameen waraqaa ragaa galmaa'uu argachuuf gaaffii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaatti dhiyeeffachuu qabu.
3) Gaaffiin galmaa'uu Dhaabbata Arjummaa Imaanaa, dhaabbatichi hundaa'ee ji'a sadii (3) keessatti dhiyaachuu qaba.
4) Eegdonni imaanaa waraqaa ragaa galmaa'uu argachuun dura abbaa qabiyyummaa yookiin abbaa qabeenyummaa qabeenya kennaa yookiin dhaamoo irratti ibsamee gara dhaabbata Arjummaa Imaanaatti dabarsuuf gochoota barbaachisan irraa kan hafe qabeenyicha irratti gocha qaama sadaffaa hammachiisuu kamiyyuu raawwachuu hin danda'an.

31. Baay'ina Eegdota Imaanaa

1) Baay'inni eegdota imaanaa sadii (3) gadiifi shanii (5) ol ta'uu hin danda'u. Namoota sadii (3) gadi kan muudaman yoo ta'e ulaagaa kana guutuudhaaf eegdota Imaanaa hafan haala itti muudaman Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa ni mijeessa.
2) Eegdonni Imaanaa shanii (5) ol kan muudaman yoo ta'e, miseensota keessaa namoonni jalqaba eeraman shan (5) eegdota imaanaa ta'u.
3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatullee, dhaabbanni tokko yookiin isaa ol akka eegdota imaanaattii kan muudaman yoo ta'e, Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa baay'inni eegdota imaanichaa sadii (3) gadi akka ta'u hayyamuu ni danda'a.
4) Bu'uura Keewwata kanaatiin eegdota imaanaa muudaman keessaa yoo xiqqaate tokko (1) iddoon jireenya isaa dhaabbataan Naannicha keessa ta'uu qaba.

32. Muudama Eegdota Imaanaa

1) Eegduu imaanaa kan muudu hundeessaa Dhaabbata Arjummaa Imaanaa yookiin nama inni bakka buuseen ta'a. Namoonni kun yoo hin jiraanne, Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa haala eegduun imaanaa itti muudamu ni mijeessa.

2) Eegduun imaanaa muudame ittigaafatamummaa kana hin fudhadhu yoo jedhe yookiin sababa kamiiniyyuu eegdummaa imaanaa isaa raawwachuu yoo dadhabe bu'uura dambii ittiin bulmaataatiin eegduun imaanaa kan biroo ni muudama.

33. Dhaabbata Akka Eegduu Imaanaatti Muuduu

1) Hundeessaan dhaabbata qaama seerummaa qabu akka eegduu imaanaatti yoo muude, gaggeesitoonni dhaabbata muudamee Dhaabbata Arjummaa Imaanichaa ni bulchu.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti dhaabbanni ibsame Dhaabbata Arjummaa Imaanichaa bu'uura dhaamoon, kennaan yookiin ajaja Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaatiin haala murtaa'een kennaalee biroo yookiin galii kaayyoo isaa galmaan gahuuf ittifayyadamu irraa adda baasee qabuun ni bulcha.

34. Gurmaa'insa Dhaabbata Arjummaa Imaanaa

1) Hojigaggeessaan, qabaan maallaqaafi odiitarri Dhaabbata Arjummaa Imaanaa, hundeessaan yookiin nama hundeessaan bakka buuseen ni muudamu.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti hooggantoota ibsaman hundeessaan yookiin namni hundeessaan bakka buuse kan hin muudne yoo ta'e, eegdonni imaanichaa gidduu isaaniitii yookiin alaa gaggeesitoota ni moggaasu.
3) Eegdonni imaanichaa bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti taa'een gaggeessitoota isaanii kan hin moggaasiin yoo ta'e, gaggeesitoonni Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaatiin ni muudamu.
4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatullee, eegdonni imaanaa ittigaafatamummaa isaanii waliin ni raawwatu.
5) Eegdonni imaanichaa dura taa'aa walgahii isaanii gaggeessu gidduu isaaniitii ni filatu.

35. Bulchiinsa Dhaabbata Arjummaa Imaanaa

1) Eegdota imaanaa irraa barreeffamaan hanga mormiin hin dhiyaannetti hojigaggeessaan, walta'iinsa eegdota imaanaa biroo osoo hin barbaachisiin hojiiwwan bulchiinsaa ni raawwata.
2) Hojiiwwan bulchiinsaatiin ala kan jiraniifi bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin murtiiwwan mormiin irratti dhiyaate walgahii eegdota imaanaa keessaa yoo xiqqaate namni sadii (3) bakka argamanitti sagalee caalmaan murtaa'a.
3) Eegdota imaanaa murtii kennan irratti sagaleen walqixaa yoo ta'e, murtiin dura taa'aan deeggarame fudhatama kan argatu ta'a.
4) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 fi 3 tiin eegdonni imaanaa murtiiwwan kennaman irratti yoo waliif hin galle yaada garaagarummaa isaanii qaboo yaa'ii irratti akka galmaa'uuf gaafachuu ni danda'u.

36. Ittigaafatamummaa Eegdota Imaanaa

1) Eegdonni imaanaa akka bulchaa maatii gaarii tokkoorra eegamutti tattaaffiifi ofeegannoodhaan Dhaabbaticha bulchuu qabu.
2) Tumaan faallaa ta'e sanada Dhaabbanni Arjummaa Imaanaa ittiin hundaa'e yoo jiraate malee, eegdonni imaanaa hayyama Biiroo Maallaqaatiin ala qabeenya dhaabbatichaa nama biraatiif dabarsuu hin danda'an.
3) Eegdonni imaanaa qabeenya Dhaabbata Arjummaa Imaanaa gatii malee qaama biraaf dabarsuu hin danda'an.
4) Eegdonni imaanaa akka gaggeessitoota hojii Dhaabbata Arjummaa Imaanaatti daangaa aangoo isaanii alatti gocha raawwataniin yookiin murtii kennaniin dhaabbaticha irra miidhaa dhaqqabuuf ittigaafatamummaa dhuunfaafi waloo ni qabaatu.
5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 jalatti kan tumame jiraatus, eegduun imaanaa murtii kenname irratti yaada addaa galmeessifate miidhaa murtichaan gahuuf ittigaafatamummaa hin qabaatu.

37. Dhaabbata Arjummaa Imaanaa Bakka Buusuu

1) Hojigaggeessaan eegduu imaanaa dhaabbata Arjummaa Imaanichaa bakka ni bu'a.
2) Hojigaggeessaan eegduu imaanaa bakka hin jirretti bakka bu'aa ni filata; dhimmoota dhaabbata imaanichaa kan hordofu abukaatoo bakka buusuu ni danda'a.
3) Eegdonni imaanaa daangaa aangoo isaanii osoo hin darbin gochoota seera qabeessummaa raawwataniif kan ittigaafatamu Dhaabbata Arjummaa imaanichaati.

38. Ajaja Sanada Hundeeffamaa

1) Eegduun imaanaa, ajaja ifa ta'e kan sanada hundeeffama Dhaabbata Arjummaa Imaanichaa irratti tarreeffame hordofuu qaba.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraaatus, faayidaa nama Dhaabbata Arjummaa Imaanichaa irraa fayyadamaa ta'eef barbaachiisa ta'e yoo argame, eegduun imaanaa ajaja jedhamaniin ala hojjechuuf Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa hayyama gaafachuu ni danda'a.

39. Kaffaltii Eegdota Imaanaatiif Raawwatamu

1) Sanada Dhaabbanni Arjummaa ittiin hundaa'een yookiin seerota birootiin ifaan yoo hayyamame malee, eegduun imaanaa tokkoo mirga kaffaltii argachuu hin qabaatu.
2) Keewwata kana KeewwataXiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatullee, eegdonni imaanaa hundi kaffaltiin raawwatamuu akka qabaatu barreeffamaan yoo waliigalaniifi Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa yoo mirkaneesse eegduun imaanaa ogummaa isaatiin hojjete tokkoo tajaajila Dhaabbata Arjummaa Imaanichaatiif kenneef yookiin Dhaabbaticha

bakka bu'uun gocha raawwateef qabeenya dhaabbatichaa irraa kaffaltii madaalawaa ta'e ni argata.

3) Eegduun imaanaa Dhaabbata Arjummaa Imaanichaa bulchuun walqabatee dhuunfaan baasii baaseefi ittigaafatamummaa seeneef akka bakka bu'uuf gaafachuuf mirga qaba.

40. Hojii Gadi Lakkisuu Eegduu Imaanaa

1) Eegduun Imaanaa yaada hojii gadi lakkisuu yoo qabaate hojii osoo gadi hin lakkisiin ji'a lama (2) dursee eegdota imaanaa biroo beeksisuu qaba. Osoo hin beeksisiin hafuu irraan kan ka'ee miidhaa Dhaabbata Arjummaa imaanicha irra gahuuf kan ittigaafatamu ta'a.

2) Eegduun imaanaa aangoo isaa hanga eegduu imaanaa birootti dabarsutti dhaabbata Arjummaa imaanichaa bulchuuf ittigaafatamummaa ni qabaata.

3) Eegduun imaanaa gaaffii hojii gadi lakkisuu kan dhiyeesse yoo ta'e, yeroon ofeeggannoo Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame osoo hin darbiin ji'a tokko (1) dursee nama dhaabbata Arjummaa Imaanichaa hundeesseen yookiin nama kana raawwachuuf aangoon kennameefiin yookiin kanneen yoo hin jiraanne Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaatiin eegduun imaanaa haaraan ni muudama.

41. Qabeenya Dhaabbata Arjummaa Imaanichaa Qabsiisuu

1) Namni fayyadamtoota irraa idaa qabu kamiyyuu qabeenya Dhaabbata Arjummaa Imaanichaa yookiin durgoo fayyadamaan argachuu qabu haala kamiinuu qabsiisuu hin danda'u.

2) Dhaabbanni Arjummaa Imaanaa yeroo murtaa'eef dhaabbate yeroo diigamu liqeessitoonni qabeenya isaa fudhachuuf mirga qaban, qabeenya dhaabbata Arjummaa Imaanichaa qabsiisuu ni danda'u.

42. Gurgurtaan Dabarsuu

Dhaabbanni Arjummaa yookiin Waldaan kamiyyuu qabeenya isaa qaama sadaffaatti gurgurtaan yeroo dabarsu qabeenyichi faayidaa ummataaf jecha qaraxa irraa bilisaan kan gale yoo ta'e, haalli gurgurtichaa bu'uura seera gumuruukaa biyyattiitiin kan raawwatamu ta'a.

43. Mirgoota Fayyadamtootaa

1) Fayyadamtoonni bu'uura sanada Dhaabbanni Arjummaa Imaanaa ittiin hundeeffameen faayidaan isaaniif malu akka kennamuuf Dhaabbaticha gaafachuu ni danda'u.

2) Fayyadamtoonni gochi faayidaa isaanii miidhu yoo uumame eegduun imaanaa akka aangoo irraa ka'u yookiin wabii gahaa ta'e akka kennu Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa gaafachuu ni danda'u.



Waajjira Caffee Oromiyaa
Mana Galmee
The Oromia National Regional Government Office of the President
MANA GALMEE ARCHIVE

3) Fayyadamtoonni qabeenya qaama Dhaabbata Arjummaa Imaanichaa ta'an irratti mirga dhuunfaan yookiin waliin ajajuu yookiin bulchuu hin qaban.

4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame jiraatullee, qabeenyota kana ilaalchisee mirgoota isaanii eegsisuuf hojiiwwan kanneen akka darbiinsa yeroo addaan kutuu qofa raawwachuu ni danda'u.

## Kutaa Xiqqaa Shan

## Koree Arjummaa

### 44. Bu'uura

Kaayyoo kutaa kanaatiif **"Koree Arjummaa"** jechuun tuuta namoota lakkoofsi isaanii shanii (5) yookiin sanaa ol ta'an kaayyoo Arjummaatiif yaaduun ummata irraa maallaqa yookiin qabeenya biroo sassaabuuf walitti dhufaniiti.

### 45. Koree Arjummaa Mirkaneessuu

1) Koreen Arjummaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaatiin osoo hin mirkanaa'in maallaqas ta'ee qabeenya sassaaabuu yookiin gochoota kamiyyuu raawwachuun dhorkaadha.

2) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 Koricha hundeessuuf sochiilee barbaachisaa godhaman irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

3) Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa Koree Arjummaa yoo mirkaneessu tumaalee Labsii kanaa Keewwata 58 fi 61 ilaalcha keessa galchuun murteessuu qaba.

### 46. Ibsa Herregaa

1) Koreen Arjummaa ibsa herrega waggaa hojjetanii Biiroo Maallaqaafi Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaatiif dhiyeessuu qabu.

2) Koreen Arjummaa kan hundaa'e yeroo waggaa tokkoo gadiitiif yoo ta'e akkuma yeroon kun xumurameen ibsa herregaa Biiroo Maallaqaafi Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaatiif dhiyeessuu qaba.

### 47. Gurmaa'insa Koree Arjummaa

1) Murtiin Koree Arjummaa hundeessuu tarreeffama miseensota hundeesitootaa, walitti qabaa Koree Arjummaa, qabaa maallaqaafi odiitara ifatti agarsiisuu qaba.

2) Murtichi kaayyoowwan Koree Arjummaafi yeroo kaayyoo isaa galmaan itti gahu ibsuu qaba.

3) Murtichi barbaachisaa ta'ee yoo argame, hojiin Koree Arjummaa akkamitti akka raawwatamu murteessuufi hanga ittifayyadama maallaqaafi qabeenya korichaan walitti qabamu to'achuuf tarkaanfiiwwan barbaachisaa ta'an ibsuu qaba. Tarreeffamni isaa qajeelfama Biiroon Maallaqaa baasuun kan murtaa'u ta'a.



Waajjira Caffee Oromiyaa
Mana Galmee
Office of Caffee Oromia
The Oromia National Regional Government Office of the President
MANA GALMEE
ARCHIVE

48. Ittigaafatamummaa Miseensota Koree

Dirqamaafi idaan sosochii Koree Arjummaa waliin walqabatee uumamuuf miseensonni korichaa ittigaafatamummaa dhuunfaafi waloo ni qabaatu.

49. Maallaqaafi Qabeenya Gahaa Hin Taane

1) Maallaqniifi qabeenyi Koree Arjummaatiin walitti qabame kaayyoo korichaan yaadame galmaan gahuuf gahaa yoo hin taane yookiin kaayyicha galmaan gahuuf kan hin dandeessifne yoo ta'e, maallaqichi yookiin qabeenyichi bu'uura murtee hundeeffama Koreen Arjummaa ittiin mirkanaa'e irratti ibsameen hojii rra ni oola.

2) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin murtii mirkanaa'e keessatti wanti ibsame kan hin jirre yoo ta'e maallaqichi yookiin qabeenyichi qaama arjoomeef kan deebi'u ta'a.

3) Namoonni maallaqa yookiin qabeenya Koree Arjummaatiif kennaan deebisanii fudhachuu yoo hin barbaadne yookiin yoo hin dandeenye yookiin kan hin beekamne yoo ta'e, bu'uura tumaalee Labsii kanaatiin murtii Biiroo Maallaqaatiin dhaabbata arjummaa kaayyoo walfakkaatu qabuuf kan oolu ta'a.

50. Maallaqaafi Qabeenya Hafe

1) Maallaqni yookiin qabeenyi Koree Arjummaatiin walitti qabame kaayyicha galmaan gahuuf kan barbaachisuu ol yoo ta'e, maallaqni yookiin qabeenyi hafe bu'uura murtii Koree Arjummaatiin hojii dhaabbata arjummaa biroo kaayyoo walfakkaatu qabuuf kan oolu ta'a.

2) Murticha keessatti wanti dhimma kana ilaalu kan hin jirre yoo ta'e, maallaqicha yookiin qabeenyicha Biiroon Maallaqaa bu'uura tumaalee Labsii kanaatiin dhaabbata Arjummaa kaayyoo walfakkaatu qabuuf akka oolu ni taasisa.

51. Gara Dhaabbata Arjummaa Ittifufiinsa Qabuutti Jijjiiramuu

1) Bu'uura Murtee hundeeffama Koreen Arjummaa ittiin mirkanaa'e irratti ibsameen maallaqni yookiin qabeenyi Koree Arjummaan walitti qabame kaayyoo ittifufiinsa qabu murtaa'e tokkoof hojiirra kan oolu yoo ta'e, kaayyoo kana galmaan gahuuf Dhaabbanni Arjummaa Ittifufiinsa Qabu kan hundaa'u ta'a.

2) Maallaqni yookiin qabeenyi kaayyoo karoorfame galmaan gahuuf Koree Arjummaatiin walitti qabame hanga barbaachisuu ol yoo ta'e miseensonni Korichaa Dhaabbata Arjummaa Ittifufiinsa Qabuu ta'anii galmaa'uuf Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaatti iyyachuu ni danda'u.

3) Korichi akka Dhaabbata Arjummaa Ittifufiinsa Qabuutti yoo galmaa'e maallaqniifi qabeenyi korichaan walitti qabame gara Dhaabbata kanaatti kan darbu ta'a.

Kutaa Xiqqaa Jaha

Gamtaawwaniifi Gamtaa Gamtaawwanii

52. Hundeeffama Gamtaawwaniifi Gamtaa Gamtaawwanii

Dhaabbileen hawaasa siiviilii yookiin gamtaawwan lamaafi isaa ol ta'an kaayyoo waliinii galmaan gahuuf waliigaltee gidduu isaaniitti godhaniin yookiin bu'uura tumaalee Labsii kanaatiin ibsamaniin gamtaa yookiin gamtaa gamtaawwanii hundeessuu ni danda'u.

53. Kaayyoo

Gamtaawwan yookiin gamtaan gamtaawwanii mirgaafi faayidaa miseensota isaanii wajjin walqabatee kaayyoo seera qabeessa ta'e armaan gadii galmaan gahuuf hundaa'uu ni danda'u:

1) galma milkaa'ina kaayyoo waliinii miseensota isaanii qindeessuufi deeggaruu;
2) waljijjiirraa yaadaa, odeeffannoofi muuxannoo gaggeessuu;
3) humna raawwachisummaa miseensotaa cimsuufi tattaaffii qabeenya walitti qabachuu deeggaruu;
4) hojiiwwan naamusaafi sadarkaa ogummaa miseensotaa guddisuu dandeessisan raawwachuu;
5) sagalee miseensotaa waliinii ta'uun mirgaafi faayidaa miseensotaa waliinii kabachisuufi miseensotaaf haalli hojii mijaawaan akka uumamu falmuu;
6) sektara hojii miseensonni itti bobba'an irratti qo'annoofi qorannoo akkasumas falmii imaammataafi hojiiwwan deeggarsaa gaggeessuu.

54. Daangaa Hojii Gamtaan Raawwatamuu

1) Gamtaan kamiyyuu damee hojii miseensonni gamtichaa hojjetan irratti bobba'uun miseensota wajjin dorgommii keessa galuu hin danda'u.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, gamtaawwan qabeenya walitti qabuun karaa miseensota isaaniitiin hojiiwwan pirojektootaa raawwachuu ni danda'u.

Kutaa Xiqqaa Torba

Galmeessa Dhaabbilee

55. Galmeessa

1) Dhaabbanni bu'uura Labsii kanaatiin Naannicha keessatti hundaa'e kamiyyuu Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaatti galmaa'uu qaba. Ta'us, Dhaabbilee biyya keessaafi biyya alaatti hundaa'anii sadarkaa Mootummaa Federaalaatti galmaa'an hin ilaallatu.

2) Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa, iyyanni galmaa'uu dhiyaatee guyyoota hojii kudha shan (15) keessatti haalawwan barbaachisaa Labsii kanaan tumaman guutamuu isaanii erga mirkaneesseen booda dhaabbata iyyate galmeessuun waraqaa ragaa ni kenna.
3) Iyyataan akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti ibsameen waraqaan ragaa kan hin kennamneef yoo ta'e, guyyoota walitti aanan soddoma (30) keessatti komii isaa Gumiif dhiyeeffachuu ni danda'a.
4) Gumiin bu'ura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 tiin komiin itti dhiyaate komii dhiyaate qorachuun guyyoota jahaatama (60) keessatti murtii ni kenna.
5) Murtii akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 tiin kenname irratti iyyataan komii kan qabu yoo ta'e, murtiin isa dhaqqabee guyyoota walitti aanan soddoma (30) keessatti Mana Murtii Ol'aanaa Naannichaa teessoon mootummaa Naannichaa itti argamutti ol'iyyata dhiyeeffachuu ni danda'a.

## 56. Ragaalee Galmaa'uuf Barbaachisan

1) Iyyanni galmaa'uu Dhaabbilee Naannicha keessatti hundaa'an walitti qabaa hundeessitoota Dhaabbatichaatiin mallattaa'ee dhiyaachuu kan qabu ta'ee ragaaleen armaan gadii iyyaticha waliin dhiyaachu qabu:
   (a) Qaboo yaa'ii hundeeffamaa kan maqaa hundeessitootaa, teessoofi lammummaa qabate;
   (b) Kooppii waraqaa eenyummaa yookiin paaspoortii hundeessitootaa;
   (c) Maqaafi asxaa dhaabbatichaa;
   (d) Kaayyoo hundeeffama isaafi gosa hojii inni itti bobba'uuf yaade;
   (e) Bakka hojii itti gaggeessuu barbaade;
   (f) Dambii ittiin bulmaataa hundeesitootaan mirkanaa'ee;fi
   (g) Bakka argama Dhaabbatichaa.
2) Iyyanni galmaa'uu gamtaawwanii karaa bakka bu'oota ittigaafatamaa dhaabbileetiin mallattaa'e ragaalee armaan gadii waliin walqabatee dhiyaachuu qaba:
   (a) Dambii ittiin bulmaata bakka bu'oota hundeessaa dhaabbilee gamtootaatiin mallaata'e;
   (b) Qaboo yaa'ii miseensoonni gamtaa hundeessuuf irratti waliigalan;
   (c) Waraqaa ragaa galmaa'uu miseensoota waldaatiif kenname.
3) Iyyataan kaffaltii galmee akkaataa Dambii bahuun murtaa'u ni kaffala.
4) Dhimmoota galmee waldaalee ogummaafi bulchiinsaa ilaalchisee Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa qajeelfama baasuu ni danda'a.

57. **Ragaa Dhaabbanni Sadarkaa Mootummaa Federaalaatti Galmaa'e Dhiyeessuu Qabu**

Labsii kana Keewwata 56 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, dhaabbanni sadarkaa Mootummaa Federaalaatti qaama aangoo qabuun galmaa'ee Naannicha keessatti hojjechuu barbaadu kamiyyuu ragaa armaan gadii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaatiif dhiyeessuu qabu:

1) Waraqaa ragaa galmaa'uu dhaabbatichaa agarsiisu qaama Mootummaa Federaalaa aangoo qabu irraa kennamee; fi
2) Dambii Ittiin bulmaataa dhaabbatichaa mirkanaa'e.

58. **Gaaffii Galmee Fudhachuu Dhiisuu**

1) Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa sababoota armaan gadii keesssa tokko jiraachuu isaa yoo mirkaneeffate dhaabbaticha galmeessuu hin qabu:
   (a) Iyyanni dhiyaate ulaagaalee Labsii kana Keewwata 56 tiin tumaman kan hin guunne yoo ta'eefi bakka bu'aan kanuma akka sirreessu gaafatamee sirreessuu yoo hin dandeenye;
   (b) Kaayyoon Dhaabbatichaa yookiin dambii ittiin bulmaataa irratti tarreeffamni hojii ibsame seeraan ala yookiin faallaa safuu ummataa yoo ta'e;
   (c) Maqaan Dhaabbanni ittiin galmaa'u yookiin asxaan isaa kan dhaabbata biroo yookiin maqaa jaarmiyaa biroo kamiyyuu waliin kan walfakkaatu, kan dogoggorsu, faallaa safuu ummataa yookiin seeraa yoo ta'e; yookiin
   (d) Sanadni dhaabbatichi galmaa'uuf dhiyeesse kan sobaa, kan fakkeeffamee qophaa'e yookiin kan waliin dhahame yoo ta'e.
2) Bu'uura Labsii kanaatiin sababoota ifatti ibsamaniin alatti Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa hojimaataanis ta'ee qajeelfama baasuun gaaffii galmaa'u dhorkuu hin danda'u.
3) Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa bu'uura Labsii kanaatiin iyyaticha qoratee fudhatama kan dhabe yoo ta'e iyyataan guyyoota walitti aanan soddoma (30) keessatti dhimmoota hir'atan sirreessee akka dhiyeessu barreeffamaan deebisuufii qaba.
4) Iyyataan dhimmoota akka sirreessu barreeffamaan beeksifame sirreessuuf hayyamamaa ta'uu yoo baate, Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa sababa seera qabeessaa iyyaticha fudhachuu dhabeef ibsuun gaafficha kufaa ni taasisa.
5) Iyyataan gaaffiin galmaa'uu kufaa jalaa ta'e murtii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa irratti komii yoo qabaate komii isaa guyyoota walitti aanan soddoma (30) keessatti Gumiif dhiyeeffachuu ni danda'a.

6) Gumiin guyyaa komiin isa dhaqqabe irraa eegalee guyyoota walitti aanan jahaatama (60) keessatti komicha qoratee murtii kennuu qaba.
7) Dhaabbanni tokko gowwoomsuudhaan yookiin waliin dhahuun waraqaa ragaa galmeessaa kan argate ta'uun isaa yoo mirkanaa'e dhaabbatichi akka diigamu Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa ni murteessa.
8) Dhaabbanni murtii bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 6 fi 7 tiin kenname irratti komii qabu murtiin isa dhaqqabee guyyoota walitti aanan soddoma (30) keessatti karaa hundeesitootaatiin ol'iyyata isaa Mana Murtii Ol'aanaa Naannichaa teessoon mootummaa Naannichaa itti argamutti dhiyeeffachuu ni danda'a.

**59. Qabiyyee Dambii Ittiin Bulmaataa**

1) Dambiin ittiin bulmaataa Dhaabbata kamiyyuu odeeffannoowwan armaan gadii qabaachuu qaba:
   (a) Maqaa Dhaabbatichaa;
   (b) Kaayyoowwan dhaabbatichaa;
   (c) Iddoo hojii itti hojjechuu barbaadu;
   (d) Teessoo dhaabbatichaa;
   (e) Qaama ol'aanaa dhaabbatichaa, aangoofi gahee hojii, gurmaa'insa keessaafi bulchiinsaa, sirna walgahiifi kenniinsa murtii;
   (f) Galiifi qabeenyi dhaabbatichaa miseensotaafi hojjettootaaf tajaajila kaffaltii seeraan hayyamameen alatti qoqqoodamuu kan hin dandeenye ta'uu isaa;
   (g) Miseensa yookiin hojjetaa dhaabbatichaa waan ta'eef qofa qabeenya dhaabbatichaa irratti mirga tokkoyyuu kan hin qabne ta'uu;
   (h) Dhaabbatichi miseensota irraa adda kan ta'e mallattoo mataa isaa yookiin asxaafi qaama seerummaa kan qabu ta'uu isaa;
   (i) Jijjiiramni miseensotaa ittifufiinsa dhaabbatichaa irrattii dhiibbaa kan hin qabne ta'uu isaa;
   (j) Miseensummaan dhaaltummaan kan hin darbine ta'uu;
   (k) Sochiin herregaafi maallaqa dhaabbatichaa sirna qabiinsa herregaa fudhatama qabuun kan qajeelfamu ta'uu isaa;
   (l) Qaamni ol'aanaan dhaabbatichaa karooraafi raawwii hojii herregaa kan qoratuufi mirkaneessu ta'uu isaa;
   (m) Sirna fooyya'iinsa dambii ittiin bulmaataa;
   (n) Bara baajata dhaabbatichaa;

(o) Qaama ol'aanaa dhaabbatichi akka diigamu yookiin cufamu murteessuu danda'uufi sirna ittiin gaggeeffamu;

(p) Dhaabbatichi yeroo diigamu idaa seera qabeessa irra jiru kaffalee qabeenya hafe dhaabbata biraa qaamni ol'aanaan dhaabbatichaa filate yookiin karaa Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaafi Biiroo Maallaqaa waliin ta'uun murteessaniin qaama biraatiif yookiin bu'uura Labsii kanaatiin fandii dhaabbateef kan darbu ta'uu isaa.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tarreeffame akkuma jirutti ta'ee, dabalataan dambiin ittiin bulmaataa dhaabbatichaa kanneen armaan gadii hammachuu ni danda'a:

(a) Ulaagaalee simannaa miseensummaa;

(b) Sababoota miseensummaan ittiin dhorkamu yookiin addaan citu;

(c) Dhaabbaticha keessatti miseensummaan yeroo dhorkamu yookiin addaan citu sirna ol'iyyaannoon ittiin gaafatamu;

(d) Sirna kaffaltiiwwan miseensummaafi kaffaltiin biroo ittiin murtaa'uufi ittiin gaafatamu;

(e) Sirna muudamaafi aangoo irraa ka'uu hojigaggeessitootaa, aangoofi gahee hojii isaanii;

(f) Sirna miseensonni qaama hojii raawwachiiftuu yookiin boordii dhaabbatichaa ittiin muudaman, ittiwaamama, aangoofi gahee hojii isaanii;

(g) Hojii galii argamsiisu irratti bobba'uu yookiin bobba'uu dhabuu isaa.

**60. Bu'aa Galmaa'uu**

1) Dhaabbanni bu'uura Labsii kanaatiin ulaagaalee tarreeffaman guutee galmaa'e kamiyyuu:

(a) Qaama seerummaa ni qabaata;

(b) Maqaa isaatiin waliigaltee ni raawwata; ni himata; ni himatama;

(c) Hojiiwwan akkaataa seerota rogummaa qabaniin hayyama addaa gaafatan akkuma eegamanitti ta'ee, hojii seera qabeessa ta'e kamiyyuu irratti bobba'uuf mirga ni qaba;

(d) Maqaa isaatiin qabeenya sochoo'uufi hin sochoone qabaachuu, bulchuufi beekamtii Biiroo Mallaqaatiin dabarsuuf mirga ni qaba.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 (d) jalatti kan tumame jiraatus, qabeenyas ta'e maallaqni gurgurtaa qabeenyichaa irraa argame faayidaa miseensaatiif kennaadhaan darbuu yookiin gocha kaayyoo dhaabbatichaatiin ala ta'eef ooluu hin danda'u.

61. Bilisummaa Hojii

1) Dhaabbanni naannicha keessatti hundaa'e kamiyyuu kaayyoo hundaa'eef galmaan gahuuf hojii seera qabeessa ta'e irratti bobba'uuf mirga ni qaba.
2) Dhaabbanni ofii isaatiin hojii pirojektii raawwachuuf yookiin dhaabbilee biroof deeggarsa maallaqaafi beekumsaa gochuuf dhaabbachuu ni danda'a.
3) Dhaabbileen hojiiwwan raawwatan wajjiin dhimmoota walitti dhufeenya qaban irratti imaammanni, seeronni hojiirra jiraniifi hojimaanni akka jijjiiraman, akka fooyya'an yookiin seerotaafi imaammanni haaraan akka bahan yaada dhiyeessuu ni danda'u.
4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame jiraatus, dhaabbileen lammiilee biyya alaa dabalachuun Naannicha keessatti hundeeffaman seera birootiin yoo hayyamameef malee paartilee siyaasaa waltaasisuunis ta'ee dhiibbaa uumuun, hojii filattoota barsiisuu yookiin hojii taajabbii filannoo irratti hirmaachuu hin danda'an.
5) Dhaabbileen biyya alaa sadarakaa Federaalaatti galmaa'an yookiin dhaabbileen biyya keessaa sadarkaa Federaalaatti hundaa'an dhaabbilee Naannichaafi jaarmiyaalee Mootummaa wajjiin michummaa hojjechuun humni raawwachisummaa dhaabbilee Naannichaa akka cimu deeggarsa taasisuu ni danda'u.
6) Dhaabbanni kamiyyuu hojiin inni hojjetu misooma ittifufiinsa qabu fiduufi sirna dimokiraasii ijaaruu kan dandeessisu yookiin mirgaafi faayidaa miseensoota isaa kan eegsisuu yookiin hojii ogummaa irratti bobba'an guddisuuf gumaacha akka qabaatu carraaqqii barbaachisu taasisuu qaba.
7) Dhaabbanni faayidaa ummataa yookiin qaama sadaffaatiif hojjechuu kaayyoo taasifatee hundeeffame kamiyyuu dubartoota, daa'imman, qaama miidhamtoota, manguddootaafi kanneen biroo miidhaaf saaxilamaa ta'an yookiin faayidaa kutaalee hawaasaa rakkoof saaxilamaa ta'anii hammachuu isaa mirkaneessuu qaba.
8) Dhaabbanni kamiyyuu erga galmaa'een booda gosoota hojii seera biraatiin hayyamni addaa akka barbaachisu ibsaman irratti qaama dhimmi ilaalu irraa hayyama barbaachisaa ta'e osoo hin argatin gara hojiitti galuu hin danda'u.
9) Miseensi, gaggeessaafi hojjettoonni dhaabbata kamiyyuu yeroo hojii isaanii raawwatan faayidaa dhaabbatichaa dursuufi faayidaa dhuunfaa isaanii waliin akka walitti hin buune ofeegganannoo barbaachisaa taasisuu qabu.

62. Qabeenya Horachuufi Bulchuu

1) Dhaabbanni kamiyyuu:

   (a) Qabeenya ittifufiinsa pirojektii raawwatamuuf barbaachisaa ta'eefi pirojektichi erga xumurameen boodas bakka pirojektiin itti raawwatame irraa akka hin baane waliigaltee pirojektii keessatti ifatti tarreeffamaniin ala, qabeenya isaa bakka tokko irraa gara bakka biraatti sochoosuuf mirga ni qaba;

   (b) Kaayyoo isaa akka galma gahu galii argachuuf hojii daldalaafi investimentii seera qabeessa ta'e keessatti bu'uura seerota rogummaa qabaniin hirmaachuuf mirga kan qabaatu ta'ee, bu'aa hojicha irraa argame faayidaa miseensotaatiif dabarfamuu hin danda'u;

   (c) Kaayyoo isaa galmaan gahuuf madda seera qabeessa ta'e kamiyyuu irraa deeggarsa ogummaa yookiin qabeenyaa gaafachuu, fudhachuufi hojiirra olchuuf mirga ni qaba.

2) Faayidaa ummataa yookiin qaama sadaffaa bu'uura godhachuun dhaabbanni hundeeffame, baasiin bulchiinsaa galii isaa irraa % 20 caaluu hin qabu.

3) Raawwii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiif **"Baasii Bulchiinsaa"** jechuun hojiiwwan pirojektii dhaabbatichi raawwatu wajjiin kallattiidhaan walitti dhuufeenya kan hin qabne, garuu jireenyaafi ittifufiinsa dhaabbatichaatiif barbaachisaa kan ta'eefi baasiiwwan hojiiwwan bulchiinsaa waliin walqabatan yoo ta'u, kanneen armaan gadii ni dabalata:

   (a) Mindaafi faayidaalee hojjettoota bulchiinsaa;

   (b) Bittaa meeshaalee dhaabbiifi dhumataa hojii bulchiinsaatiin walqabatu;

   (c) Baasiiwwan haroomsaafi suphaa;

   (d) Baasii kiraa waajjiraafi kaffaltiiwwan parkingii;

   (e) Baasiiwwan tajaajilaa kanneen akka odiitii, beeksisaa, baankii, ibsaa, bilbilaa, faaksii, bishaan, intarneetii, poostaa, maxxansaafi taaksii;

   (f) Bittaa konkoolaataa, haroomsa, boba'aafi zayitaa hojiiwwan bulchiinsaatiif oolan

   (g) Baasiiwwan bittaa inshuuransii;

   (h) Kaffaltiiwwan adabbii; fi

   (i) Kaffaltiiwwan tajaajila abukaatummaa.

4) Biiroon Maallaqaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame haala adda ta'een dhaabbilee irratti raawwatiinsa hin qabaanne qajeelfama baasuun murteessuu ni danda'a.

Waajjira Caffee Oromiyaa
Mana Galmee
Office of Caffee Oromia
Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
The Oromia National Regional Government Office of the President

5) Biiroon Maallaqaa dhaabbilee hojiiwwan pirojektii iddoon bu'uuraalee misoomaa hin guutamnetti raawwatan onnachiiftuu akka argatan murteessuu ni danda'a. Raawwiin isaa Qajeelfama Biiroon Maallaqaa baasuun kan murtaa'u ta'a.
6) Dhaabbanni Naannicha keessatti hojjetu kamiyyuu qabeenya yammuu gurguru yookiin jijjiiru yookiin dabarsu dursa Biiroo Maallaqaa irraa hayyama argachuu qaba.
7) Biiroon Maallaqaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 6 tiin hayyama yammuu kennu ulaagaalee armaan gadii guutamuu isaa mirkaneeffachuu qaba:
   (a) Qaama ol'aanaa yookiin bakka bu'aa dhaabbatichaan qabeenyichi akka gurguramu, jijjiiramu yookiin darbu kan murteesse ta'uu;
   (b) Qabeenyichi kan darbu yoo ta'e eenyuufi sababa maaliif akka darbu;
   (c) Gurgurtaan kan raawwatu yoo ta'e, akkaataa qajeelfama Biiroon Maallaqaa baasuun kan raawwatu ta'uu;
   (d) Ibsa gabaabaa kaayyoo maallaqni gurgurtaa irraa argamu ooluuf ibsu dhiyaachuu.
8) Seera biraatiin yoo tumame malee, Biiroon Maallaqaa ulaagaawwan Labsii kanaan tumamaniin alatti ulaagaa dabalataa gaafachuun hayyama dhorkachuu hin danda'u.
9) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 tiin dhaabbanni hayyama Biiroo Maallaqaa argachuun qabeenya gurgure, jijjiire yookiin dabarse guyyaa gurgure, jijjiire yookiin dabarse irraa eegalee guyyaa hojii kudha shan (15) keessatti sanadoota barbaachisoo ta'an waliin Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaafi Biiroo Maallaqaa beeksisuu qaba.
10) Dhaabbanni kamiyyuu qabeenya kan dabarsu dhaabbilee hawaasa siiviilii yookiin dhaabbilee mootummaatiif ta'uu qaba.
11) Akkaataa tumaalee Labsii kanaatiin qabeenyi gurguramu, jijjiiramu yookiin dabarfamuu kan hin dandeenye yoo ta'e, Biiroo Maallaqaa beeksisuun amala qabeenya dhabamsiifamuu irratti hundaa'uun akkaataa Mootummaan hayyamuun dhabamsiisuu ni danda'a.

63. Hojiilee Galii Argamsiisan Irratti Bobba'uu

1) Dhaabbanni bu'uura Labsii kana Keewwata 62 (1) (b) tiin hojii galii argamsiisu irratti bobba'uu, bu'uura seerota galmeessaafi hayyama daldalaa rogummaa qabaniin dhaabbilee daldalaa haaraa hundeessuun, dhaabbata daldalaa turan keessatti aksiyoona bitachuun, buusii ummata irraa sassaabuun yookiin hojii daldala dhuunfaa abbummaadhaan gaggeessuudhaan hojii galii argamsiisu gaggeessuu ni danda'a.

2) Dhaabbatichi hojii galii argamsiisu kan mataa isaa yeroo raawwatutti hojii kanaaf herrega baankii banachuu akkasumas bu'uura seerri daldalaafi taaksii gaafatuun hojii galii argamsiisu ilaalchisee galmee herrega addaa qabaachuutu irraa eegama.
3) Seeronni daldalaa yookiin galmeessaafi hayyama daldalaa, gibiraafi investimentii rogummaa qaban dhimmoota hojii galii argamsiisan irratti raawwatiinsa ni qabaatu.
4) Galiin dhaabbatichi hojii galii argamsiisu irraa argatu baasii bulchiinsaafi sagantaa dhaabbatichaa uwwisuuf kan oolu ta'a.
5) Dhaabbatichi galii yookiin qabeenya hojii galii argamsiisu irraa argatu miseensotaaf akkasumas hojjettootaaf qoqqooduu hin danda'u.
6) Dhaabbileen bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin buusii ummata irraa sassaabuuf Biiroo Maallaqaa beeksisuu qabu.
7) Bu'uura Keewwata kanaatiin dhaabbanni hojii galii argamsiisu irratti bobba'e, guyyaa hojicha irratti bobba'e irraa eegalee guyyoota hojii kudha shan (15) keessatti Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaafi Biiroo Maallaqaa beeksiisuu qaba.

## 64. Miseensa Hojii Raawwachiiftuu yookiin Boordii Ta'anii Hojjechuu Kan Hin Dandeenye

1) Namni armaan gaditti ibsame kamiyyuu dhaabbata tokko keessatti miseensa hojii raawwachiiftuu yookiin boordii dhaabbatichaa ta'ee hojjechuu hin danda'u:
   (a) Gowwoomsuun yookiin amantaa hiri'suun gocha yakkaatiin balleessaadha jedhamee kan adabameefi kan hin moggaafamne yoo ta'e;
   (b) Yakkaan balleessaa ta'ee mirgi siiviilii isaa kan irraa mulqameefi mirgi kun kan hin deebineef yoo ta'e;
   (c) Bu'uura seeraatiin dandeettii dhabuu irraa kan ka'e hojjechuu kan hin dandeenye yoo ta'e; yookiin
   (d) Mana Murtiitiin kan dhorkame yoo ta'e.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegameetti ta'ee, namni miseensa hojii raawwachiiftuu yookiin boordii dhaabbataa ta'e kamiyyuu dhaabbaticha keessatti hojigaggeessaa yookiin hojjetaa qacaramaa ta'ee hojjechuu hin danda'u.
3) Iyyanni galmee dhaabbatichaa tumaalee Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 irra darbee kan dhiyaate yoo ta'e, Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa dhaabbaticha galmeessuu hin qabu.

65. Galmee Dhaabbilee

1) Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa:

(a) Galmee dhaabbileen irratti galmaa'an ni qabaata;

(b) Bu'uura Labsii kanaatiin tarreeffama Dhaabbilee Naannichatti galmaa'anii akkasumas kanneen dhorkamaniifi galmee irraa haqaman ji'a jaha jahaan gaazexaa Naannichatti beekamaa ta'e irratti ni baasa.

2) Sirrummaan isaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaan kan mirkanaa'e yoo ta'e, garagalchi galmee guutuun yookiin gartokkeen adeemsa falmii kamiyyuu keessatti akka ragaatti fudhatama ni qabaata.

66. Damee Dhaabbataa

1) Dhaabbanni Naannicha keessatti hundaa'e kamiyyuu Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa dursee beeksisuudhaan bu'uura Dambii ittiin bulmaata isaatiin damee banachuu ni danda'a.

2) Aangoon damee dhaabbatichaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin banamuuf kennamu dhaabbata ofdanda'e kan taasisu yookiin waajjirri muummee to'annaa gahaa akka irratti hin goone kan dhorku ta'uu hin qabu.

3) Waajjirri damee bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin banamu ifaan aangoon bakka bu'iinsaa waajjira muummee irraa yoo kennameef malee waliigaltee pirojektiifi dhimmoota kanaan walqabatan irratti mallatteessuu hin danda'u.

4) Dhaabbileen Naannicha keessatti hundaa'an yookiin Federaalatti galma'aanii Naannicha keessatti hojjechaa jiran hanga danda'ametti iddoo pirojektii itti gaggeessanitti waajjira banachuu qabu.

5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 jalatti kan tumame jiraatus, dhaabbileen iddoo pirojektii itti gaggeessanitti waajjira banachuu kan hin dandeenye yoo ta'e yeroo qaama aangoo qabuun gaafatamanitti bakka sanatti argamuun haala pirojektichaa irratti odeeffannoo gahaa ta'e kennuuf dirqama ni qabaatu.

67. Dirqama Jijjiirama Beeksisuu

1) Dhaabbanni Naannicha keessatti hundaa'e kamiyyuu dhimmoota armaan gadii irratti jijjiirama yoo taasise Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa beeksisuufi galmeessisuu qaba:

(a) Jijjiirraa maqaafi asxaa;

(b) Jijjiirraa gosa hojii;

(c) Jijjiiruu teessoo Waajjira muummee;

(d) Jijjiirraa iddoo hojii;

(e) Jijjiirraa miseensota hojii raawwachiiftuu yookiin hojigaggeessaa;

(f) Dambii ittiin bulmaataa irratti jijjiirama taasifamu;

(g) Jijjiirama herrega baankiifi mallatteesitootaa taasifamu.

2) Dhaabbanni sadarkaa Mootummaa Federaalatti galmaa'ee Naannicha keessatti hojjechaa jiru kanneen Labsii kana Keewwata 57 jalatti tumaman irratti jijjiirama yoo taasise Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa beeksisuu qaba.

3) Jijjiiramni bu'uura Keewwata kanaatiin taasifame mirgoota yookiin dirqamoota Dhaabbatichaa kamiyyuu kan tuquu miti.

68. Waraqaa Ragaa Ifatti Mul'isuu

1) Dhaabbanni kamiyyuu waraqaa ragaa galmeessaa waajjira muummeetti akkasumas kooppii isaa dameelee keessatti nama daawwatu kamiifuu iddoo argamuu danda'utti kaa'uu qaba.

2) Dhaabbanni kamiyyuu maqaafi mallattoo addaa dhaabbatichaa waajjira muummeefi dameelee isaatti iddoo ifaa ummataaf mul'achuu danda'u kaa'uu qaba.

69. Jiraachuu Mirkaneessuu

1) Dhaabbanni kamiyyuu daangaan yeroo gabaasa waggaa dhiyeessu Labsii kana keessatti taa'e darbee gabaasa osoo hin dhiyeesiin yoo hafe, Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa jiraachuu dhaabbatichaa mirkaneessuuf maloota adda addaa fayyadamuudhaan ji'a tokko (1) keessatti dhiyaatee akka gabaasu waamicha ni taasisa.

2) Dhaabbanni kamiyyuu akkaataa daangaa yeroo Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin ibsameen dhiyaatee jiraachuu isaa kan hin mirkaneessine yoo ta'e, Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa ji'a sadii (3) keessatti dhiyaatee akka ibsa kennu gaazexaa Naannicha keessatti beekamaa ta'e irratti waamicha ni taasisa.

3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti waamichi gaazexaan ibsamee dhaabbatichi dhugumaan kan jiraatu yoo ta'e, bakka bu'aan isaa guyyoota walitti aanan soddoma (30) keessatti dhiyaatee sababa yeroo taa'e keessatti gabaasa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaaf hin dhiyeessineef ibsuu qaba.

4) Bakka bu'aan Dhaabbatichaa daangaa yeroo Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti ibsame keessatti dhiyaatee sababa gahaa dhaabbatichi gabaasa hin dhiyeessiiniif yoo hin beeksifne Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa dhaabbatichi akka diigamu ni murteessisa.

5) Dhaabbanni murtii akkataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 tiin kennamu irratti komii qabu komii isaa guyyoota walitti aanan soddoma (30) keessatti Gumiif dhiyeessuu ni danda'a.

6) Gumiin akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 tiin komii dhiyaateef, guyyaa komiin isa dhaqqabe irraa eegalee guyyoota walitti aanan jahaatama (60) keessatti komicha qoratee murtii kennuu qaba.

7) Dhaabbanni murtii bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 6 tiin kenname irratti komii qabu murtiin isa dhaqqabee guyyoota walitti aanan soddoma (30) keessatti karaa hundeessitootaatiin ol'iyyata isaa Mana Murtii Ol'aanaa Naannichaa teessoon mootummaa Naannichaa itti argamutti dhiyeessuu ni danda'a.

## Kutaa Shan
## Herregaafi Gabaasa

### 70. Dirqama Galmee Herregaa Qabaachuu

1) Dhaabbanni kamiyyuu sochii maallaqa dhaabbatichaa kan agarsiisu galmee herregaa hojimaata herregaa fudhatamummaa qabuun qophaa'e qabaachuu qaba.
2) Sanadoonni herregaa dhaabbatichaa galiifi baasii, sababa baasichaa, qabeenyaafi idaa, eenyummaa arjoomtoota isaafi madda galii kan hammatan ta'uu qaba.
3) Gaggeessitoonni dhaabbatichaa sanadoota herregaa bu'uura Keewwata kanaatiin qophaa'an, barri herregichaa erga xumurameen booda yoo xiqqaate waggaa shaniif (5) eeganii tursiisuuf dirqama qabu.

### 71. Ibsa Herregaafi Qorannoo Waggaa

1) Dhaabbanni kamiyyuu bu'uura ulaagaalee fudhatama qabaniin ibsa herregaa waggaa qophaa'ee Biiroo Mallaqaatiif dhiyeessuu qaba.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, dhaabbanni bara baajataa keessatti maallaqa qarshii 200,000.00 (kuma dhibba lama) hin caalle sochoosu ibsa galii, baasii, qabeenyaafi idaa agarsiisu qofa dhiyeessuu ni danda'a.
3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, herregni dhaabbata kamiyyuu barri baajataa waggaa xumurame ji'a sadii (3) keessatti odiitara beekamtii qabuun qoratamuu qaba.
4) Herregni dhaabbataa barri baajataa erga xumurame ji'oota shan (5) keessatti yoo hin qoratamiiniifi kana gochuuf dhaabbatichi hayyamamaa ta'uu yoo baate Biiroon Maallaqaa odiitara alaa muude qorachiisuu ni danda'a.
5) Miseensonni dhaabbatichaa harka sadii keessaa tokko (1/3) yookiin dhaabbileen arjoomtootaa yookiin qaamni mootummaa dhaabbaticha waliin waliigaltee pirojektii qabu qorannoon herregaa akka geggeeffamu yoo gaafatan Biiroon Mallaqaa herregni dhaabbatichaa odiitara alaatiin akka qoratamu ajajuu ni danda'a.

6) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 fi 5 tiin, hojii odiitii odiitarri Biiroo Maallaqaan muudame raawwatu kamiifuu baasii kan kaffalu dhaabbata dhimmi ilaalu yookiin gaggeessitoota hojii balleessaa ta'anii argaamaniidha.

**72. Gabaasa Raawwii Hojii**

1) Gaggeessitoonni hojii gabaasa raawwii hojii dhaabbatichaa waggaa waggaadhaan qopheessuun barri baajatichaa xumurame ji'a sadii (3) keessatti Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaafi Biiroo Maallaqaaf dhiyeessuu qabu.
2) Gabaasni raawwii hojii kamiyyuu akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin dhiyaatu ibsa herregaa waliin walqabsiifamuu qaba.
3) Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaafi Biiroon Maallaqaa gabaasa dhiyaateef qorachuudhaan dhaabbatichi ragaa dabalataa yookiin ibsa akka kennuuf gaafachuu ni danda'u.

**73. Gabaasa Waggaa Banaa Taasisuu**

1) Gabaasni waggaa dhaabbilee yookiin sanadoonni biroo Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaafi Biiroo Maallaqaa biratti argaman qaama dhimmi ilaaluun yookiin miseensota dhaabbatichaatiin yammuu gaafatamu yeroo hojii kamittuu agarsiifamuu qaba.
2) Dhaabbanni kamiyyuu gabaasa raawwii hojiifi odiitii waggaa miseensotaafi fayyadamtootaaf dhaqqabamaa taasisuu qaba.

**74. Herrega Baankii Banuu**

1) Dhaabbanni Naannicha keessatti hundaa'e kamiyyuu herrega baankii banachuuf duraan dursee Biiroo Maallaqaa irraa barreeffamaan hayyama argachuu qaba.
2) Biiroo Maallaqaa gaaffii herrega baankii banachuu bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin dhiyaateef guyyoota shan (5) keessatti deebii kennuufii qaba.
3) Dhaabbanni kamiyyuu sochii maallaqa isaa herrega baankii maqaa isaatiin banameen sochoosuu qaba.
4) Baankiin kamiyyuu Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Biiroo Maallaqaatiin yammuu gaafatamu battalumatti tarreeffamaafi ibsawwan herregoota baankii maqaa dhaabbilee Naannichaatiin banaman kennuuf dirqama qaba.
5) Sochiin herrega baankii dhaabbataa haala dambii ittiin bulmaataa irratti ibsameen ta'a.

**75. Lammii Biyya Alaa Qacaruu**

1) Dhaabbanni Naannicha keessatti hundaa'e kamiyyuu bu'uura seera rogummaa qabuun lammii biyya alaa hayyama hojii hin qabne qacaruu hin danda'u.

2) Dhaabbanni Naannicha keessatti hundaa'e kamiyyuu lammiilee biyya alaa qacaruu kan danda'u hojichi lammiilee Itiyoophiyaatiin raawwatamuu kan hin dandeenye ta'uu isaa qaama hayyama hojii kennuun yoo mirkanaa'eefi xalayaa deeggarsaa Biiroo Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa Naannichaa irraa yoo dhiyaate qofadha.

3) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 lammiilee biyya alaa dhaabbatichaan mindaan idilee osoo hin kaffalaminiif ogummaa isaaniitiin tola ooltummaan tajaajila waggaa tokkoo (1) hin caalle tajaajiluuf dhufan irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

**Kutaa Jaha**

**Seera Kabachiisuu**

**76. Aangoo Qorannaa Gaggeessuu**

1) Eeruu qaamolee mootummaa, dhaabbilee arjummaa yookiin ummata irraa dhiyaatu yookiin Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Biiroon Maallaqaa hojii isaa yeroo raawwatutti ragaawwan argaman irraa ka'uun dhaabbanni kamiyyuu hojii isaa bu'uura seeraatiin hojjechaa jiraachuu isaa Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Biiroon Maallaqaa qorannaa gaggeessuu ni danda'a.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatullee, Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Biiroon Maallaqaa qorannoo gaggeessuuf yeroo murteessu qorannicha gaggeessuuf dursee sababni gahaan jiraachuu isaa mirkaneeffachuu qaba.

3) Hojiin qorannoo hanga danda'ametti ariitiidhaan yeroo gabaabaa keessatti akka xumuramu, sochii hojii guyyaa guyyaafi jiraachuun dhaabbatichaa balaa irra akka hin buufne Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Biiroon Maallaqaa tarkaanfii ofeeggannoo barbaachisaa ta'e fudhachuu qaba.

4) Qorannoo gaggeeffameen gochi seeraan alaa raawwatamuun isaa yoo mirkanaa'eefi sababa kanaatiin sochii dhaabbatichaa yeroof dhorkuun barbaachisaa ta'ee yoo argame, Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa yeroo ji'a sadii (3) hin caalleef ajaja dhorkaa kennuu kan danda'u ta'ee, yeroo ji'a sadii (3) hin caalle keessatti murtii yoo hin kennine dhorkichi hafaa ta'a.

5) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 tiin dhorkaa kenname irratti dhaabbatichi komii yoo qabaate guyyoota walitti aanan soddoma (30) keessatti komii isaa Gumiif dhiyeeffachuu ni danda'a.

6) Gumiin bu'ura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 tiin komiin dhiyaateef komii dhiyaate qorachuun guyyoota walitti aanan jahaatama (60) keessatti murtii kennuu qaba.

7) Namni murtii akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 6 tiin kenname irratti komii qabu, murtiin isa dhaqqabee guyyoota walitti aanan soddoma (30) keessatti Mana Murtii Ol'aanaa Naannichaa teessoon mootummaa Naannichaa itti argamutti ol'iyyata dhiyeeffachuu ni danda'a.

## 77. Tarkaanfii Bulchiinsaa Fudhachuu

1) Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Biiroon Maallaqaa dhaabbata Labsii kanaafi seerota Labsii kana raawwachiisuuf bahan kan darbee argameef dhimmoota aangoofi hojii isaa ilaallatu irratti ofeegganoo barreeffamaa kennuu ni danda'a.
2) Ofeegganoon bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin kennamu seera cabe, sirreeffamni taasifamuu maluufi yeroo hangam keessatti sirreeffamuu akka qabu ifatti agarsiisuu kan qabu ta'ee, yeroon kennamuu qabu hanqina yookiin ulfaatina balleessaa raawwatameefi walxaxiinsa dhimmicha tilmaama keessa kan galche ta'uu qaba.
3) Bu'uura ofeegganoo kennameetiin sirreeffamni kan hin taasifamne yoo ta'e yookiin balleessaan raawwatame ulfaataa ta'uun isaa yoo itti amaname dhaabbatichaaf ofeegganoon dhumaa kan kennamu ta'a. Biiroon Maallaqaa ofeegganoo dhumaa yammuu kennu Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa barreeffamaan beeksisuu qaba.
4) Dhaabbatichi bu'uura ofeegganoo dhumaa kennameetiin hojimaata isaa kan hin sirreessine yoo ta'e, Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa dhaabbatichi akka dhorkamu murteessuu ni danda'a.
5) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 tiin dhaabbanni dhorkame yeroo ji'a sadii (3) keessatti sirreeffama barbaachisu taasisuu yoo baate, Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa dhaabbatichi akka diigamu kan murteessu ta'a.
6) Miseensonni, hundeessitoonni yookiin ittigaafatamtoonni dhaabbata akka diigamu murtiin irratti kenname, guyyaa murtichi kenname irraa eegalee guyyoota walitti aanan soddoma (30) keessatti komii isaanii Mana Murtii Ol'aanaa Naannichaa teessoon mootummaa Naannichaa itti argamutti dhiyeeffachuu ni danda'u.
7) Gochi seera darbuu dhaabbatichaan raawwatame yakkaan kan gaafachiisu yoo ta'e, Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa gocha raawwatame irratti qorannoon yakkaa akka gaggeeffamu ni taasisa.
8) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 - 7 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Dhaabbileen sadarkaa Mootummaa Federaalaatti galmaa'anii Naannicha keessatti hojjetan hojii raawwataniin walqabatee akkaataa waliigaltee pirojektii seenaniin raawwachuu dhabuun yookiin seera darbuun isaanii yoo adda bahe Biiroon Maallaqaa yookiin Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa:

(a) Akeekkachiisa ni kenna;

(b) Dhaabbatichi akkaataa akeekkachiisa kennameetiin sirreeffama barbaachisu kan hin taasifne yoo ta'e, Naannicha keessatti akka hin hojjenne yeroodhaaf ni dhorka; battalumatti qaama Mootummaa Federaalaa hayyamicha kenne beeksisuun tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni gabaasa; raawwii isaa ni hordofa.

78. Mirga Dhagahamuu

Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Biiroon Maallaqaa tarkaanfii bulchiinsaa gosa kamiyyuu dhaabbata kamiyyuu irratti fudhachuun duratti, dhaabbatichi mirgoota ragaalee isaa dhiyeeffachuu, falmachuufi dhagahamuu qaba.

## Kutaa Torba

## Walitti Makamuu, Addaan Bahuu, Jijjiiramuufi Diigamuu Dhaabbilee

79. Walitti Makamuu

1) Dhaabbileen lakkoofsi isaanii lama yookiin lamaa ol ta'an bu'uura seerota rogummaa qabaniifi dambii ittiin bulmaataa isaaniitiin maqaa haaraa yookiin maqaa dhaabbilee walitti makamaniin keessaa isa tokkoon walitti makamuu ni danda'u.
2) Walitti makamuun yeroo raawwatamu mirgaafi dirqamni dhaabbilee duraanii akkasumas hojjettoonni isaan keessa turan gara dhaabbata walitti makamuun uumameetti darbu.
3) Dhaabbanni haaraan walitti makamuun uumame bu'uura Labsii kanaatiin galmaa'uu qaba.

80. Addaan Bahuu

1) Dhaabbanni tokko bu'uura dambii ittiin bulmaataa isaatiin ibsameen murtii qaama ol'aanaa dhaabbatichaatiin addaan bahuu ni danda'a.
2) Murtii addaan bahuu irratti haala biraan kan ibsame yoo ta'e malee, dhaabbanni tokko yeroo addaan bahu mirgaafi dirqamni dhaabbanni duraa qabu dhaabbilee addaan bahuun uumamaniif walqixa kan qoodamu ta'a.
3) Jiraachuun dhaabbata duraanii kan hafu dhaabbilee haaraa uumamaniif waraqaan ragaa galmeessaa yeroo kennamuudha.
4) Waliigaltee dhaabbilee haaraatiin dhaabbanni haaraan tokko maqaa dhaabbata duraanii qabatee turuu ni danda'a.

81. Jijjiiramuu

1) Dhaabbanni tokko bu'uura dambii ittiin bulmaata isaa irratti ibsameen murtii qaama ol'aanaa dhaabbatichaatiin gara gosa dhaabbata birootti jijjiiramuu ni danda'a.

2) Murtiin jijjiiramuu yeroo raawwatamu mirgaafi dirqamni dhaabbata duraanii akkasumas hojjettoonni dhaabbaticha keessa turan gara dhaabbata jijjiirameetti ni dabarfamu.
3) Dhaabbanni jijjiirame haaraan bu'uura Labsii kanaatiin irra deebiin galmaa'uu qaba.

82. Diigamuu Dhaabbata

1) Dhaabbanni tokko kan diigamu:
   (a) Bu'uura dambii ittiin bulmaataatiin qaamni aangoo qabu akka diigamu yoo murteesse;
   (b) Bu'uura Labsii kana Keewwata 58 (7), 69 (4) yookiin 77 (5) tiin dhaabbatichi akka diigamu Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa yoo murteesse; yookiin
   (c) Murtii Mana Murtiitiin yoo ta'eedha.
2) Manni Murtii dhaabbanni tokko akka diigamu kan murteessu:
   (a) Dhaabbatichi gocha yakka cimaatiin yookiin irradeddeebiin yakka sasalphaa irratti hirmaachuun balleessaa ta'ee yoo argame; yookiin
   (b) Idaa isa irra jiru kaffaluuf dandeettii kan hin qabne yoo ta'e; qofaadha.
3) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 (a) tiin dhaabbanni murtii miseensotaatiin diigame, murtichi darbee guyyoota walitti aanan kudha shan (15) keessatti Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa beeksisuuf dirqama qaba.
4) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 tiin beeksisni dhaabbatichi Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaatiif dhiyeessu, qaboo yaa'ii dhaabbatichi akka diigamu ittiin murtaa'e, gabaasa raawwii hojii waytaawaafi ibsa herregaa waliin dhiyaachuu qaba.

83. Bu'aa Diigamuu

1) Bu'uura Labsii kana Keewwata 82 tiin dhaabbanni tokko akka diigamu yammuu murtaa'u qabeenyi dhaabbatichaa battalumatti ittigaafatamummaa qulqulleessa herregaa Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaafi Biiroon Maallaqaa waliin ta'uun muudan jala ta'a.
2) Qulqulleessaan herregaa kaayyoo dhaabbatichaa waliin kan walqabataniifi hojiiwwan addaan citu hin dandeenye xumuruuf yoo ta'e malee, herrega qulqulleessuun ala hojii biroo raawwachuu hin danda'u.
3) Qulqulleessaan herregaa idaawwaniifi baasiiwwan adeemsa diigamuu raawwachuuf barbaachisan guutuumaan guutuutti erga kaffalamanii booda maallaqni hafe yookiin qabeenyi dhaabbatichaa yoo jiraate bu'uura dambii ittiin bulmaata dhaabbatichaatiin

yookiin murtii qaama ol'aanaa dhaabbatichaatiin haala dursee murtaa'een dhaabbata biraaf akka darbu ni taasisa.

4) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 tiin dambii ittiin bulmaata dhaabbatichaatiin yookiin murtii qaama ol'aanaa dhaabbatichaa irratti yoo hin ibsamne, maallaqni hafe yookiin qabeenya dhaabbatichaa murtii Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaafi Biiroon Maallaqaa waliin murteessuun gara dhaabbata biraa yookiin gara Fandii Dhaabbilee Hawaasa Siiviliitti akka darbu ni taasifama.
5) Hojiin qulqulleessaa herregaa dhaabbatichaa yeroo xumuramu gaaffii qulqulleessaa herregaatiin Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa dhaabbaticha galmee irraa ni haqa.
6) Tumaaleen Keewwata kanaa akkuma eegametti ta'ee, gamtaawwan yookiin gamtaan gamtaawwanii yeroo diigaman hafteen qabeenyaa gara dhaabbilee miseensootaatti yookiin gamtaawwanitti darbu ni danda'a.

## Kutaa Saddeet

## Tumaalee Adda Addaa

### 84. Mana Marii Dhaabbilee

1) Manni Marii Dhaabbilee Hawaasa Siiviilii Naannoo Oromiyaa hirmaannaa dhaabbilee Naannicha keessatti hojjetaniin gaggeeffamu kanaan booda **"Mana Marii"** jedhamee kan waamamu Labsii kanaan hundeeffameera.
2) Dhaabbileen Naannicha keessatti hojjetan kamiiyyuu miseensa Mana marichaa ta'uu qabu.
3) Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaafi Biiroon Maallaqaa waliin ta'uun yaa'ii hundeeffamaa Mana Marichaa ni waamu; ni qindeessu.
4) Manni Marichaa yaa'ii waliigalaa, koree hojii raawwachiiftuufi gurmaa'insa hojichaaf barbaachisaa ta'an ni qabaata; Dambii ittiin bulmaata mataa isaas ni baasa.
5) Barri hojii, Sirni Walgahii fi Sirni dhaabbileen yaa'ii waliigalaa Mana Marichaa keessatti ittiin bakka bu'an qajeelchituu Hojii manni marichaa baasuun kan murtaa'u ta'a.
6) Manni Marichaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:
   (a) Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa, Biiroo Maallaqaa, arjomtootaafi qaamolee dhimmamtoota biroo waliin mari'achuun dambii naamusaa sekterri dhaabbilee hawaasa siiviilii hordofuu qabuufi tooftaa ittiin hojiirra oolu ni baasa; raawwii isaa itti dhiyeenyaan ni hordofa;
   (b) Galmeessaafi bulchiinsa dhaabbilee irratti Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaafi Biiroo Maallaqaatiif yaada gorsaa ni dhiyeessa;
   (c) Sektara hawaasa siiviilii bakka ni bu'aa; ni qindeessa.

(d) Dhimma waloo dhaabbilee irratti nama bakka bu'aa dhaabbilee ta'ee Gumii keessatti hirmaatu ni filata.

7) Baajanni Mana Marichaa buusii miseensotaafi maddoota seera qabeessa biroo irraa ta'a.

8) Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaafi Biiroon Maallaqaa hundeeffamaafi cimina Mana Marichaatiif deeggarsa barbaachisaa ta'e ni taasisu.

85. Fandii Dhaabbilee Hawaasa Siiviilii

1) Fandiin Dhaabbilee Hawaasa Siiviilii Biiroo Maallaqaatiin kan bulu Labsii kanaan hundeeffameera.

2) Fandiin Dhaabbilee Hawaasa Siiviilii tola ooltummaafi guddina sektara hawaasa siiviilii jajjabeessuuf keessattuu dhaabbilee qaamolee hawaasaa deeggarsa addaa barbaadan tajaajilan jajjabeessuuf kan ooluudha.

3) Fandiin Dhaabbilee Hawaasa Siiviilii galii isaa kan argatu:

(a) Labsii kana dura dhaabbileefi waldaalee diigamanii qabeenyi isaanii to'annaa qaama dhimmi ilaalu jalatti argamu irraa;

(b) Murtii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Mana Murtiitiin dhaabbilee diigaman irraa qabeenya argamu;

(c) Deeggarsa mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Fandichaaf taasifamu irraa.

4) Tarreeffamni Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;

86. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne

Seeronniifi barmaatileen hojii Labsii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti ibsaman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

87. Tumaalee Ce'umsaa

1) Labsiin Kun bahuun dura seeronniifi hojimaanni duraan turan Labsii kana hanga hin faallessinetti guyyaa Labsiin kun Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin ragga'ee hojiirra ooluu eegale irraa hanga waggaa tokkootti raawwatiinsa ni qabaata.

2) Dhaabbileefi waldaaleen Labsiin bahuun dura galmaa'anii turan kamiyyuu Labsiin kun Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin ragga'ee guyyaa hojiirra ooluu eegalee waggaa tokko keessatti irradeebi'anii galmaa'uu qabu.

88. Aangoo Dambiifi Qajeelfama Baasuu

1) Manni Marii Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Labsii kana hojiirraa oolchuuf Dambii baasuu ni danda'a.

2) Dhimmoota adda bahee kennameef irratti Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaafi Biiroon Maallaqaa Labsii kanaafi Dambii akkaataa Labsii kanaatiin bahu hojiirra oolchuuf Qajeelfama baasuu ni danda'u.

89. Yeroo Labsiin Kun Hojii Irra Itti Ooluu

Labsiin kun guyyaa Magalata Oromiyaa irratti maxxanfame irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee,

Guraandhala 11 Bara 2016

Shimallis Abdiisaa

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa